

**QAACCESSA HIMA XAXAMAA AFAAN OROMOO DURDURIIWWAN  
OROMOO FILATAMAN KEESSATTI**

**QORATTUU: ZARFEE ADAANEETIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN  
OROMOO FI OGBARRUU BARSII SUUTIIN GUUTTACHUUF  
QOPHAA'EE YUUNIVARSITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYIINSII  
HAWAASAA FI HUMAANIITII MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG  
BARRUTIIF DHYAATE**

**HAGAYYA, 2014**

**JIMMA, OROMIYAA**

**YUUNIVARSITII JIMMAA KOLLEEJII SAAZIINSII HAWAASAA FI  
HUMAANIITII MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG BARRUU**

**QAACCESSA HIMA XAXAMAA AFAAN OROMOO DURDURIIWWAN  
OROMOO FILATAMAN KEESSATTI**

**QORATTUU: ZARFEE ADAANEETIIN**

**GORSA: TASHOOMAA BALAAYNAA (PhD)**

**GORSA AANTE: ALAMAAYYOO FAQQADAA (PhD, gargaaraa prof.)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN  
OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'E**

**HAGAYYA, 2014**

**JIMMA, OROMIYAA**

## Ibsa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon Koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'usaafi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaatin ta'uusaa, mallattoo kootiin nan mirkaneessa. Wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee itti gargaarame hunda wabii keessatti kaa'een jira.

Maqaa: Zarfee Adanee Mallattoo \_\_\_\_\_Guyyaa 27/12/2014

Barattuun\_\_\_\_\_ jedhamtu waraqaa qorannoo ishee haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isiifi muummeef galchuu danda'uu ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneesseera.

**Maqaa\_\_\_\_\_mallattoo\_\_\_\_\_guyyaa\_\_\_\_\_**

**YUUNIIVARSIITII JIMMAA**  
**DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAATIIN BOODDEE.**

Waraqaa qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuutiin guuttachuuf, **“Qaaccessa xaximaa AfaanOromoodurduriiwwan Oromoo filataman keessatti.”** Jedhuirratti qophaa’e sadarkaa madaallii Yuunivarsiitiin kaa’eguuteera.

**Qoree qormaataa**

QoraaAlaa\_\_\_\_\_Mallattoo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

QoraaKessaa\_\_\_\_\_Mallattoo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

Gorsaa\_\_\_\_\_Mallattoo\_\_\_\_\_Guyyaa\_\_\_\_\_

---

Itti Gaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

## **Galata**

Duraan dursee, isa uumee har'aan nagahe galanni Waaqaa tokkichaaf haata'u. Itti aansuun yeroon qorannoo kana geggeessuu mata duree filachuu irraa jalqabee hanga qorannoon kun galma gahutti obsa ol'aanaafi fuula nama hawwatuun beekumsa isaanii osoo narraa hinqusatin yaadaafi gorsa ogummaatiin kanna maddii dhaabbatan gorsaa koo kan ta'an TashoomaaBalaaynaa (PhD)tiif galanni koo dachaadha.Akkasumas,gorsaa aantee koo Alamaayyoo Faqqadaa(PhD gargaaraa Prof.) tiif galanni ani qabu guddaa dha. Dabalataanis, Abbaa manaa koofi obboloota koo kanneen yaadaafi maallaqaan nadeeggartaniif galatoomaa isiniin jechaa, Akkasumas, manguddoota ragaa qorannoo koo tiif ta'u durdurii natti himaniif galatan galcha.Dhuma irratti haadha koofi abbaa koo isaan yeroo hunda na hin nuffinee obsa na barsiiftan baay'ee galatoomaan isiniin jedha.

## **Axeeraraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa xaxima Afaan Oromoo durduriwwanii filataman keessatti akaakuu isaa, tajaajila hima hirkatoo isaa xinxaluudha. Ka'umsi qorannichaa ammoo, qorannoowwan xaximaan walqabatan haala dhihaannaa kitaabota barnoortaafi wabiitiin ala xaxima Afaan Oromoo xiinxaluun kan hinagarsiisne waan ta'eefidha. Qorattuun qorannoo kanaa Saxaxa ibsaa tiidhimma baatee jirti. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf, maddi ragaalee madda ragaa sadarkaa tokkoffaatti gargaaramuun odeeffannoon funaanamanii jiru. Akaakuun qorannoo kanaa akkamtaa waan ta'eef, odeeffannoo funaanaman irratti hundaa'uun qaaccessa taasifameen, akaakuun xaximootaa hafee keessatti argamu adda bahuun bu'aa akkamii akka qabu adda bahuun gadi fageenyaan xiinxalamee jira. Xiinxala kana bu'uura taasifachuun qorattuun qorannoo kanaa himoonni walirratti hirkatan tajaajiloota hedduu akka qabaniifi kutaalee isaan irra jiran hunda mul'isuun ammoo kutaalee walduukaa hiriiruun hiika keessatti tajaajilan seerluga isaan nuuf kennaniifi gareewwan jechootaa isaanii hubachuuf akka gargaaran hubatamee jira. Walumaa galatti, qorannoon kun xaximoota Afaan Oromoo irratti adeemsifamuun tajaajila seerluga xaximaa ragaadhaan lafa keesse jirti. Gama fuulduratti ammoo, qorattoonni biroo himoota Afaan Oromoo biroo irratti qorannoo adeemsisuun kutaalee himootaa irratti argaman adda baasuun gaarii ta'a.*

## **HiikaGabaajewwaniifikottoonfannaa**

Gm=gaaleemaqaa

Gmg=gaaleemaqaaguddaa

Gmx=gaaleemaqaaxiqqaa

M=maqaa

Gimg=gaaleeibsamaqaaguddaa

Gimx=gaaleeibsamaqaaxiqqaa

Im=ibsamaqaa

Gmurg=gaaleemurteessituuguddaa

Gmurd=gaaleemurteessituuxiqqaa

Mur=murteessituu

Gxg=gaaleexumuraaguddaa

Gxx=gaaleexumuraaxiqqaa

X=xumura

Gddg=gaaleedurduubeeguddaa

Gddx=gaaleedurduubeexiqqaa

Dd=durduubee

Ggutg= gaaleeguuttuuguddaa

Ggutx= gaaleeguuttuuxiqqaa

Gut= guuttuu

Ghorg=gaaleehorteeguddaa

Ghox=gaaleehorteexiqqaa

Ho = hortee

Gwmg = gaaleewalsimannaamatihimaaguddaa

FKN= fakkeenya

YKN= yookiin

D.D. = durdurii

R.D= raawwimadabareennaa

M= murannaa

## Baafata

Qabiyyee	Fuula
Galata .....	i
Axeeraraa .....	ii
HiikaGabaajewwaniifikottoonfannaa .....	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa .....	1
1.2.Ka’umsa Qoranichaa .....	4
1.3 . Kaayyoo Qorannichaa .....	6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	7
1.3.2. Kaayyoo Gooree .....	7
1.4. Barbaachisummaa Qorannicha.....	7
1.5. Daangaa Qorannichaa .....	8
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	8
1.7. Qindoomina Qorannichaa .....	8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’ABARRUULEE WALFAKKAATANII.....	9
2.1. Xiinqooqaa .....	9
2.2. Maalummaa Xiinhimaa .....	9
2.3. Gulantaalee Himaa .....	13
2.4. Tajaajila Himoota Afaan Oromoo.....	16
2.5. Caasaa Himootaa Afaan Oromoo.....	18
2.5.1. Mala Xaximni Afaan Oromoo Ittiin Ijaaramu .....	19
2.5.2. Faayidaa Himoota Hirkatoo xaxima Afaan Oromoo Keessatti .....	20
2.6. Yaadiddamoota Caasaa Himaa.....	20
2.7. Sakatta’a Barruu Walfakkaatanii .....	21
BOQONNAASADII :MALA QORANNOO .....	24
3.1. Saxaxa .....	24
3.2. Akaakuu Qorannichaa .....	24
3.3. Madda Ragaa Qorannichaa .....	24
3.4. Mala Iddattoofi iddatteessuu .....	25



3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa .....	25
3.6. Mala Qaacceessa Ragaa .....	25
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE .....	26
4.1. Tajaajila xaxima seeneffama keessaa fudhatamee .....	26
4.2. Faayidaa Seerlugaa himoonni Hirkatoon xaxima keessatti qaban .....	29
4.3. Caasaa XaximaAfaan Oromoo .....	30
4.4. Faayidaa Xaximni Hawaasaaf Qabu .....	34
BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA .....	36
5.1 Goolaba .....	36
5.2 Argannoo .....	37
5.3 Yaada Furmaataa .....	38
WABIILEE .....	39
DABALEE:- A .....	41
DABALEE:- B .....	43
DABALEE:- C .....	44
DABALEE:- D .....	45
DABALEE; E .....	46
DABALEE.F : Odeefkennitoota sagaleen waraabame .....	50

## **BOQONNAA TOKKO: SEENSA**

Boqonnaa kana jalatti mata dureewwan seenduubee qorannoo, ka'umsaa qoranchaa, kaayyoo gooroo gooree, barbaachisummaa, hanqinaafi qindoominni qorannoo walduraa duubaan dhihaatanii jiru.

### **1.1. Seenduubee Qorannichaa**

Waliigaltee afaanotaan taasifamu keessatti seerlugni dhimma murteessaadha. Kunis, afaanitti dhimma bahuun ala afaan nuti itti dhimma baanu maddaafi haala kamiin akka afaan sun hojiirra oolu beekuuf gargaara. Dabalataanis, seerlugni damee xiinqooqaa ta'ee, caasaa fi bifa jechootaa haala itti hima keessatti hojiirra oolu qo'achuun hariiroo gidduu isaanii jiru ibsuuf gargaara. Adeemsa jechoonni afaan sanaa ilaalaman ammoo caasaalee akka gaaleefi himaa keessatti hojiirra kan ooludha. Seerluga afaan tokkoo qoratamuun bu'aa inni qabu ilaalchisee, Fatai Owolabi, (2014:38), yoo ibsu "The grammar of any language is as important as the language itself. This is because the study of grammar reveals how language works. Grammar as a branch of linguistics deals with form and structure of words and their interrelation in sentences." Yaanni armaan olii kan nu hubachiisu, xiinqooqa afaanii qo'achuun hojii irra oolmaa afaan sanaaf iddoo guddaa kan qabu yoo ta'u , seerluga isaa qorachuun ammoo haala jechoonni afaanichaa walitti gurmaa'uun hima keessa itti galan hubachuuf fayyada.

Hawaasni afaan mataa isaa qabu kamiyyuu, wantoota itti fayyadamuu barbaadu sanaaf hiika afaan isaa nikennaaf. Hiikichis hamma yaada dabarsuu barbaadamu sana ibsuu danda'utti ta'uu qaba. Yaada, (Addunyaan, 2017) kana jajjabeessa. Afaanonni biyyoota addunyaa baay'een isaanii yeroo ammaa kana karaa adda addaatiin guddachaa babal'achaa adeemsa qorannoof haala walxaxaa ta'een adeemsifamaa jiru. Kunis, dhalli namaa wantoota itti dhimma bahaa jiruuf iddoo waan late fakkaata. Kana jechuun, namoonni wantoota uumaa wajjiin walqabatan kanneen akka qilleensaafi afaanii salphisaanii ilaalaa waan turaniif yeroo ammaa garuu wantoota iddoon itti kenname akka ta'an nuhubachiisa.

Afaan kamiyyuu akkaataa jechoota walitti qindeessani kaa'uu fi qorannoo adeemsiisuuf gargaaru kan mataa isaanii ni qabaatu. Afaan Oromoos, akkuma afaan biroo tartiiba seerluga mataa isaa kan qabuufi isa jalattis damee xixiqqoo kan hammatuudha. Yeroo hedduu namoonni dandeettii

dubbachuu afaanichaa qofa waan qabaniif, saayinsii afaan sanaa guutumatti beeku jechuun nama rakkisa. Haata'umalee, haala dubbannaa, walduraa duuba ijaarama jechootaa eegee dubbachuu nidanda'an ta'a. Yaada kana irratti Addunyaa (2017) Darlyple, (2006) waabeffachuun akkas jedha. "...caasaan afaan tokkoo kallatti adda addaa haa qabaatu malee hidhanni ijaarsa isaa gama hiikaas ta'ee uunkaatiin laafnaan akka maqaa ta'u; dhaamsagoonnis ta'ee jechoonni waliin qindaa'anii walunannaan ykn walldhabnaan walqunnamtii milkaa'inaa horachuu hindanda'an..." jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu caasaa afaanii beekuun barbaachisaa ta'uu isaati. Dameewwanxiinqooqaa keessaa xiinhimni isa tokkodha. Xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e, himni ammoo as jalatti ilaalama. Saayinsii afaanii beekuun ammoo, maalummaa jechootaa beekuuf kan gargaaruudha. Keessumaa, qorannoo himaaf haala ijaarama jechootaa, duraa duubni qindoomina latiilee saayinsii afaan sanaa eeggatee kan deemu waan ta'eef, seera jiru irraa maqsuun hindanda'amu. Yaada kana Addunyaa, (2018), yoo ibsu, 'hawaasni tokko haala keessa jiru irratti hundaa'ee wantoota naannoo isaatti hiika laata wanta (things) yookaan yaada (idea) hinjirre tokkoof hiikni hinjiru; hiikni tokkos hanga wanti yookaan yaanni hinjirretti argamuu hindanda'u' jechuun yaada kana deeggara. Himoonni afaan tokkootis haala uumama sanaa bu'uura kan taasifataniidha. Kana jechuun ammoo, himni tartiiba kana keessa bahee ergaa afaan sanaan dubbattoonni dabarfachuu barbaadan sana galmaan gaha jechuudha.

Himni qaama /caasaa afaanii ergaa guutuu nuuf dabarsu keessaa isa tokkodha. Qorannoon xiinqooqaa yeroo adda addaatti qo'atamaa kan turee fi ammas qo'atamaa jira. Kana keessaa gama xiinhimaatiin moodelota yeroodhaa gara yerootti jijjiiraman irratti hundaa'ee xiinxalameera, ammas xiinxalamaa kan jiruudha. Himni uunkaaleen xiinqooqaa walitti dhufanii ijaaramuun ergaa guutuu akka dabarsu kan taasisaniidha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaa (2017) akka jechuun ibsa. "Caasaan hundarra guddaa kan ergaa guutuu tokko dabarsu hima. Kanaafuu, himni gama caasaatiinis ta'ee hiikaatiin kanneen biroorra caala jechuudha. Gama caasaatiin yoo ilaalle miiltoon himaa gaalee maqaa fi gaalee guuttuuti." jedha. Yaada armaan olii irraa kan hubannu, himni yoo xiqqaate qaamolee lamaa fi isaa ol kan ofkeessatti qabu ,ergaa guutuu kan dabarsuu fi sirna tuqaaleetiin kan xumuramu ta'usaa nu hubachiisa. "What insights into the formal properties of mind/ brain can the study of natural language provides." (Palgrave etc, (2006:41)

Hiika guutummaa guututti yaada ofii ittiin ibsatan kan qajeelchu himadha. Innis qaama (caasaa) afaanii ergaa guutuu kan nuuf dabarsuudha. Himni uunkalee afaanii walitti dhufaniin ijaaramuun ergaa guutuu akka dabarsu kan taasisuudha. Yaada kana Addunyaa (2017) yoo ibsu, 'Caasaan hundarra guddaa kan ergaa guutuu tokko dabarsu himadha. Kanaafu, himni qaama caasaatiinis ta'ee hiikaatiin kanneen biroorra caala jechuudha. Gama caasaatiin yoo ilaalle miiltoon himaa gaalee maqaa fi gaalee guuttuti.' Waraabii kana irraa kan hubatamu, himni yoo xiqqaate qaamolee lamaafi isaa ol kan qabu, ergaa guutuu kan dabarsu fi sirna tuqaalee garagaraatiin kan xumuramu akka ta'e kan ibsuudha.

Qo'annoo afaanii keessatti, kutaaleen sammuu dubbataa yookaan ergaa hima sanaa dabarsuuf himicha guutuu taasisan haala fayyadama afaan hawaasa sanaa keessatti xiinxaluun nibarbaachisa. Kunis, qaamoleen ergaa sana dabarsan kanneen qaamaan mul'ataniifi tajaajilli isaanii qofni mul'atan waan jiraachuu malaniif kana xiinxaluufi afoola hawaasni sun dhimma itti bahu keessatti himoonni dhimma itti Bahaman maal akka fakkaatan xiinxaluun barbaachisaadha. "In some sentences, it is neither easy to associate the observable phonetic and features with the meaning elements of the sentences. However in many sentence such straight forward association is not possible because there are no phonetically observable features in the sentence." C-J Jamse H & Y-H Audrey LI, (1996). Waraabii armaan olii kan nu agarsiisu, himoota tokko tokko keessatti dhamsagoonni himoota sana guutuu taasisan agarsiisuu fi amala inni hima keessatti kutaalee biraa waliin qabu tasuma ulfaachuu danda'a. Himoota hedduu keessatti haalli kun kan hin danda'amne yoo ta'u sababiin isaa ammo, hima keessatti amala addatti mul'atu kanneen hin qabneedha. Haata'uu malee dubbattoonni afaanichaa dhamsagicha ijaan hin mul'anne sana ni hubatu jechuudha.

Xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e himni xaxamaan akaakuu himaa keessaa isa tokkodha. Kunis, gama caasaatiin yookiin gama tajaajilaatiin himichi sun hima xaxamaa ta'uu mala. Hima tokko xaxamaa wantoonni jechisiisan gocha achi keessatti raawwatame sanadha. Gochoonni kunniin ammoo xumurtoota adda addaatiin kan raawwatudha. Yaada kana: Ikraam Ahmad (2013) akkan, "Himni salphaan akkuma maqaa isaa irraa hubatamu yaada qeenxee ta'e qabatee, kan ijaaramudha. Yeroo hedduu himni tokko hima salphaa ta'uu isaa xumurtuu tokkoofi ergaa tokko akka qabutti himamaa ture. Haata'uu malee, mathimni tokko xumurtoota biraa kan sirna tuqaatiin hincufamin walduukaa hiriiruun ergaa adda addaa raawwachuu danda'a. Mathimni tokko ta'uun

himicha salphaa akka hintaasisne kan nutti agariisudha. Akkasumas, ergaan hima tokko keessatti argamu himicha salphaa akka ta'uuf gahee guddaa akka qabu hubatamuu qaba.”jetti.Waraabbiin kun kan hubachiisu himni xaxamaan ergaa dachaa qabaachuufi xumurtoota gara garaatiin raawwatamuu isaa nutti mul’isa. Dabalataanis, gulummoon tokko gocha adda addaa raawachuu yookiin raawwachiisuu waan danada’auuf himni tokko xaxamaa ta’uudhaaf matima kan hinbu’uurre ta’uu kan agarsiisuudha.

Ergaa himni afaan tokko keessatti dhimma itti bahamu hedduu yoo ta’e iyyuu qorannoo kana keessatti kan qaaceffame hima xaxamaadha. Kunis, ergaa dachaa qabaachuu hima afaan sanaa akka ta’e hubatameera. Afoola Oromoon ittiin kichuu isaa barsiisaa asiin gahe keessaa seeneffamni Oromoo himoota afaan sanaa gargaaramuun tartiiba caasaa afaanichaa bu’uruun tajaajila akka kennu beekamaadha. Haaluma kanaaan, qorannoon kunis; caasaa xaxima Afaan Oromoo seeneffamawwa keessaa walitti qabuun xiinxalaae jira.

## **1.2.Ka’umsa Qoranichaa**

Barnoota saayinsii afaanii keessatti,haalli ijaarama himaabakka guddaa qaba. Kunis, hawaasni jechoota walitti fidee hima ijaaruun ergaa barbaade sana galmaan gahachuu akka danda’u ifaadha. Ergaa barbaachisu dabarsuu qofa osoo hinta’in, qo’annoo afaanii keessatti himni bakka ol’aanaa qaba.Himni ammoo caasaadhaan hundarra kan caaluufi haasaa guyyaa guyyaatti dhimma itti baanu keessatti kan argamuudha. Kanaafuu, himatti gargaaramuu qofa osoohin taane wanta fayyadamnu xiinxaluun barbaachisaadha.Afoola Oromoon guyyaa guyyaatti gargaaramnu waan hammatuuf hima afoola sana keessatti mul’atu,adda baasanii beekuun barbaachisaadha.Kanaafuu, kitaabilee barnootaafi wabii keessatti garee jechootaa hima sana ijaarani beekuuf caasaan,tajaajilaan adda baasuun fi horteeffan jecha sana irra jiru xiinxaluun barbaachisaadha.

Kana qofa osoo hintaane, afaan barnootaaf ka’umsi afaan dubbii akka ta’e beekaamaadha.Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa seeneffama osoo hintaane hima xaxamaa seeneffama Oromoo hawaasni dhimma itti bahu keessaa hima xaxamaa fudhachuun xiinxalte jirti.Himni xaxamaan kutaalee ergaa afaan sanaan dabarfamu miidhagsaniifi gaalewwan adda addaa ofkeessatti akka hammatu beekamaadha. Dabalataanis, himoonni hirkatoon tajaajila gara garaa waan qabaniif taajijala isaan hirkatani nuuf kennan adda baafamanii ilaalamani jiru.

Hima hirkataa qofa osoo hintaane faayidaa hima xaxamaafi caasaa isaa adda baafamuun qoratamuu qabu.

Gama hima xaxamaatiin hamma qorattuun sakattaatetti qorannoon adeemsifame waan hinjirreef, qorattuun qorannoo kana gaggeessitee jirti. Kunis, kutaalee hima xaxamaa ijaaran hunduma qorachuu irratti qaawi gatii jiruufidha. Haaluma kanaan, mata dureelee qorannoo kanaan walitti dhiheenya qaban qorattuun sakatta'amanii qorannoo kanaan walcinaa qabamuun ilaalamanii jiru. Isaanis; Ikraam Ahmad (2012), "Caasaa gaalee maqaafi gaalee xumuraa: Bu'uura Yaaxxina Maddisiisaatiin" jedhu irratti Yuniversitii Jimmaatti kan adeemsifte yoo ta'u, qorannoon kun ammoo gaalee irratti kan adeemsifameedha. Qorannoon koo hima xaxamaa Afaan Oromoo irratti adeemsifame waan ta'eef, gaaleen caasaa himaa keessaa tokko ta'uu isaatiin ala walitti dhufeenya kallattii kan hinqabnedha.

Akkasumas, Shifarra Balaayin (2009), ' xiinxala caasaa himaa kitaaba barattoota kutaa<sup>ffaa</sup>, caasluga Afaan Oromoo jildii-1, furtuufi tuujuba', kan jedhu yoo ta'u gosti qorannoo Shifarra gosa qorannoo waliin madaaluutiin (comparative research) yoo ta'u kun ammoo qorannoo akkamta (qualitative research) dha. Akkasumas, Shifarra haala kitaabonni kunniin itti caasaa himaa dhiheessa ilaale malee hima xaxamaa addatti baasee hin ilaalle. Dabalataanis, qorannoon Shifarraa himoota kitaabilee keessa jiran haala dhihaannaa isaa kan xiinxale yoo ta'u, qorannoon kun ammoo, hima xaxamaa durdurii Afaan Oromoo hawaasni Oromoo dhimma itti bahu kan xiinxaluudha. Kanaafuu, qorannoon kun lamaan hariiroo alkallattii malee kan kallattii wajjiin kan hinqabneedha. Dabalataanis, Dajene (1980), "Verbs in Oromo Sentence Patterns." jedhu irratti kan adeemsifamedha. Qorataan kun gosoota himaa irratti haala gaaleen maqaafi gaalee xumuraa achi keessatti kutaalee isaanii itti babal'ifatan irratti kan adeemsifamedha. Qorannoo Dajanee gaalewwan hima keessatti mul'atan xiinxale malee hima hinxiinxalle. Kanaafuu qorannoo koofi kan Dajanee hariiroo alkallattii qofa wajjiin qabu.

Gurmeessaa (2015) "Qaaccessa Caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barnootaafi kitaabilee wabii" jedhurratti qorannoo geggeesseen caasaa jechaafi himaa Afaan Oromoo dhiyeessuu irratti kitaabilee barataa, qajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaafi kitaabilee wabii Furtuufi Bantuu haaraa keessatti hanqinoota garagaraa caasaa jechaafi himaarratti akka mul'atu argannoo isaatiin mul'isee jira. Qoratichi hanqinoota argannoo isaatiin eereefis yaada furmaataa kaa'ee

jira.Kunis, qopheessitoonni meeshaalee barnootaa dhimma caasaa jechaafi himaa irrati xiyyeeffannoo guddaa akka gochuu qaban eeree jira. Qorannoon Gurmeessaa qorannoo haala gaariin kan dhihaate yoo ta'us, akkaataa kitaabileen kun itti dhiheessan ilaale malee himni kun maal akka fakkaatu waan ilaale hinqabu. Kanaafuu qorannoon Gurmeessaa qorannoo kanaan alkallattiidhaan ala kallattiidhaan hariiroo kan hinqabaannedha.

Qorannooleen armaan olitti eeraman karaa lamaan ilaalamu. Kunis isa caasaa gaalee hima keessatti, caasaa hima tokkoo qofaafi, caasaa gaalee qofaattikan ilaalamaniifi haala dhihaannaa himaa kan ilaananiidha. Qorannoon Ikraam ammoo, caasaa gaalee keessaa gaalee maqaafi xumuraa qofa kan ilaalu gatii ta'eef garaa garummaan keenya bal'aadha. Qorannoon Shifarraafi Gurmeessaa xiinxala caasaa himaafi jechaa kitaabilee barnootaafi wabii keessatti haala isaan itti dhiheessan kan ilaalan yoo ta'an, Dajaneen ammoo, gaalee maqaafi xumuraa hima keessatti kan xiinxaleedha. Kanaafuu, qorannooleen armaan olitti heeraman kunneen hariiroo alkallattii malee kallattiidhaan mata duree qorannoo kanaa wajjiin kan hinqabnedha. Qorannooleen kanneen hariiroo kallattii mata duricha waliin qabaachuu baataniyyuu kaayyoon hunda isaaniyyuu qorannoo afaaniifi caasluga irratti waan xiyyeeffataniif akka barruu walfakkaatanitti fudhatamanii jiru.

Egaa xaxima caasaafi tajaajila isaatiin adda baasnee kaa'uun garee jecha sanaas akka beeknu kan nutaasisuudha. Haata'uu malee, qorannoowwan hamma yoonatti gaggeeffaman kanneen dhimma kanaan walqabatan yoo ilaalle qaawwi ni mul'ata. Kanaafuu caasaa himoota xaxamoo Afaan Oromoo xiinxaluun walqabatee qaawwi nijira. Haaluma kanaan, qorannoon kun qaawa gama kanaan mul'ate ka'umsa taasifachuun gaaffilee armaan gadii bu'ureeffachuun adeemsifamee jira.

1. Akaakuun himaa tajaajilaafi caasaadhaan hafee sana keessa jiruu?
2. Himoonni hirkatoon xaxima Afaan Oromoo ijaaran faayidaa isa kamiif oolu?
3. Durdurii sana keessatti hima xaxamaa gargaaramuun ergaan hawaasni Oromoo ittiin dabarsuu maal fakkaataa?

### **1.3 . Kaayyoo Qorannichaa**

Qoannoowwan caasluga Afaan Oromoo irratti hojjataman hedduun isaanii xiinxala kitaaba barnootaa, deeggarsaafi kanneen biroo irratti xiyyeeffatu. Qorannoon kun ammoo, ijaarsa xaxima seeneffama Oromoo keessaa durdurii hawaasni Oromoon dhimma itti bahu keessatti mula'tu irratti adeemsifamee jira.

### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa caasaan xaxima Afaan Oromoo seeneffama durdurii Afaan Oromo keessatti maal akka fakkaatu qaaceffamanii jiru.

### **1.3.2. Kaayyoo Gooree**

1. Xaximni seeneffama durdurii akaakuu isaan kamii akka qabu ibsuu.
2. Faayidaa himoonni hirkatoon xaxima Afaan Oromoo kennan addeessuu.
3. Durdurii sana keessatti hima xaxamaa gargaaramuun ergaan hawaasni Oromoon ittiin dabarsuu maal akka fakkaatu addeessuu.

### **1.4. Barbaachisummaa Qorannicha**

Barbaachisummaan qorannoo kanaa inni guddaan akkuma beekamutti, baruufi barsiisuu keessatti afaan hawaasni sun fayyadamu ergaa inni dabarsuu fi haala barraa'uu isaa irratti walsimachuu qaba. Kana waan ta'eef, qorannoon kun durdurii Oromoo keessaa hima xaxamaa walitti qabuun kutaa hima sanaa xiinxaluudha. Kutaalee afaanii tajaajila seerluga afaan tokkoo keessatti fayyadan qo'atamuun isaa guddina afaan sanaatiif gahee mataa isaa niqabaata. Kanaafuu, himoota xaxamaa hawaasni Oromoo durdurii keessatti tajaajilaman qoratamuunis guddina qorannoo Afaan Oromootiif gahee mataa isaa qaba.

Kunis, kallattii himoota Afaan Oromootiin durdurii keessatti himicha ijaare sana damee isaatiin qoodamee sirna barnoota afaanii keessa galchuun barbaachisaa ta'ee mul'ateera. Kun ammoo, afoola gargaaramuun hima barsiisuu keessattis ta'ee, haala ummanni Oromoo dur irraa eegalee akaakuu himaatti gargaaramuun labata ofii itti barsiisu waan agarsiisuuf qoratamuun isaa akkaan barbaachisaadha.

Baruufi barsiisuun alattis ergaa tokko fudhachuufi kennuuf akkasumas, seenaa tokko dhaloota irraa gara dhaloota dhufuutti dabarsuuf qorannoo xiinqooqaa afoolaan walqabatani gadi fageenyaan xiinxalamuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, argannoon qorannoo kana irraa argamus qaamolee armaan gadiitiif faayidaalee armaan gadii niqabaata.

1. Kitaabilee seerlugaa gara fuula duratti maxxanfamaniif ka'umsa ta'uu danda'a.
2. Barsiisota hima xaxamaa barsiisaniif akka maddaatti ni gargaara.



3. Qorannoo seera Afaan Oromoo gama xiinhimaatiin jiru irratti beekumsa dabalataa gumaachu niqabaata.

### **1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon kun gama mata dureetiin xaxima Afaan Oromoo xiinxaluu irratti kan daangeeffame yoo ta'uu, gama irraawwatamaa qorannootiin ammoo, seeneffamahawaasni Oromoo dhimma itti bahu keessaa xaxima walitti qabaman xiinxaluun adeemsifameedha.

### **1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon gaggeeffamu kamuu hanqina mataa isaa niqabaata. Haaluma kanaan, qorannoon kun kan adeemsifame xaxima Afaan Oromoo irrattidha. Kunis qaawa mataa isaa qabaachuu mala. Sababiin isaas qorattuun yemmuu xaxima kana xiinxaltu himoonni biroo waan jiraataniif kana qofa xiinxaluun ishii akka hanqinaatti ilaalmuu danda'a. Akkasumas, himoonni durdurii sana keessatti mul'atu xaxima qofa waan hintaaneef himoota biroo dhiisuun qaawa ta'uu mala. Haata'uu malee, qorattuun qorannoo kanaa qaawa kana hambisuuf xaximni gama tajaajilaatiin bifa adda addaatiin argachuun ishee qaawa gama kanaan jiru furuun qorannicha galmaan geessee jirti

### **1.7. Qindoomina Qorannichaa**

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Boqonnaalee kanneen jalattis mata dureewwan adda addaa nijiru. Haala kanaan matadureewwan boqonnaa tokko jalatti argaman: seensa boqonnichaa jalatti; seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoominni qorannichaa dhihaatanii jiru. Boqonnaan lammataa ammoo, xiinqooqaafi qooddii xiinqooqaa, maalummaa xiinhimaa, maalummaa himaa, akaakuu himaa, xaximaafi sakatta'a qorannoolee walfakkaatanii kan hammatuudha. Boqonnaan sadaffaan saxaxa qorannoo, akaakuu qorannichaa, iddattoo fi iddatteessuu dabalatee mala qorannoo kan ofkeessatti qabate dha. Boqonnaan afraffaan xiinxala ragaaleeti. Ragaaleen madda ragaa irraa walitti qabamanis, tokko tokkoon tajaajila hima kanaatiin koodiin kennamuun xiinxalamanii jiru. Boqonnaa shanaffaafi inni dhumaa goolaba qorannoo, argannoo qorannoofi yaada furmaataa kan ofkeessatti qabatedha.

## **BOQONNAA LAMA: SAKATTA'ABARRUULEE WALFAKKAATANII**

Boqonnaa kana jalatti; xiinqooqa, maalummaa xiinhimaa, hima, akaakuu himaafi xaximni sakatta'amuun yaada beektotaatiin deeggaramuun kan dhihaateefi mata dureewwan qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qabanu kanneen beektootan ibsamanufi sakkata'insa waraqaa qorannoo walitti dhiheenya qaban qorattuudhaan ilaalamanii akka armaan gaditti kaa'amuuf yaalamee jira.

### **2.1. Xiinqooqa**

Saayinsiin waa'ee afaanota addunyaa qo'atu xiinqooqadha. Hayyoonni adda addaa xiinqooqa haala adda addaatiin yoo qoodan nimul'ata. Muraasni xiinqooqa nuusaa: Kanneen xiinsaga, xiindhamsaga, xiinjechaa, xiinhimafi xiinqooqa bal'aa xiinhiika jechuun yemmuu qoodan nimul'ata.

### **2.2. Maalummaa Xiinhimaa**

Jechi xiinhima jedhu, jechoota Afaan Oromoo xiinxalaafi hima jedhaman irraa walitti dhufuun kan ijaarameedha. Kunis, haala tartiiba himaafi saayinsii isaa kan xiinxaluudha. Kanaaf, himni jechoota tartiibaan walduukaa deeman kanneen hiika guutuu kennan jechuudha. Yaada kana ilaalchise; (George, 2006:86), "The word 'syntax' comes originally from Greek means a putting together or arrangement" jedha.

Jechi xiinhima jedhu maddi isaa jecha Giriikii yoo ta'u, innis hiikni isaa waliin kaa'uu yookiin tartiibessuu kan jedhuudha. Ammas, barreessaan kun, "syntax (the rules that determine how words combine into phrases and sentences)." Jedha. Xiinhimni saayinsii akkaataa jechoonni seeraan walduukaa hiriiruun gaalee yookiin hima itti ijaaran kan ibsuudha. Xiinqooqa keessatti xiinhimni damee qorannoo tokko ta'ee, walitti qabaa jechootaafi gaalee yookiin haala isaan hima keessatti tajaajilan kan madaaludha. Gama biraatiin ammoo, walitti qabama qaamolee xixiqqoo afaan keessatti hiika qabeessa ta'aniifi tartiiba itti isaan walduukaa hiriiraniti. Jechuun barreessaan armaan gadii kun lafa kaa'ee jira. "Syntax: The level of linguistic organization that mediates between sounds and meaning, where words are organized into phrases and sentences," (Adger, 2002). Xiinhimni sadarkaalee xiinqooqa keessaa tokko ta'ee gidduu sagaleefi hiikaa kan jiru, bakka itti jechoonni walitti dhufuun gaaleefi hima itti ijaaraniidha. "At the outset, a clarification

must be made in referring to what is meant by “syntax” for a visual language. In linguistics, syntax is the field of the study that analyzes the grouping of words and phrases into sentences. In other words, it examines the structural organization of meaningful units of a language into a combinatorial sequence.” (Cohn, 2003:4).

Xiinhimni dameewwan gooree xiinqooqaa ta’ee, akkaataa ittiin jechoonni wal filatanii caasaa isaan irra guddaa kanneen akka gaaleefi ciroo ijaarratan saayinsii qoratuudha. (Addunyaa, 2017: 148). Dabalataanis ragaan toora interneetii armaan gadii irraa argame akka ibsutti, xiinhimni qindoomina jechootaa hima keessatti kan qo’atu ta’ee, seera qindaa’ina himootaa kan qo’atu ta’uusaa nu hubachiisa.

“syntax is the arrangement of words in a sentence and the study of the rules that govern the formation of a proper sentence.” [Htt://www.syntaxexamples.com/#sthash.LiilEblD.dpuf](http://www.syntaxexamples.com/#sthash.LiilEblD.dpuf).

Moodeelli caasaa caashimaa seerota bu’uuraa sadii kan ofkeessatti hammatuudha. Isaanis; seerri caasaa gaalee caasaa keessoo himaa uumuu, caasaa keessoo yaadxinni maddisiisaan caasaa irra keessa afaanii kan maddisiisee fi seerri xiinlatii bakka barbaachisetti jecha ta’ee argama jechuun lafa kaa’u.

“In Syntactic Structure model, syntax consisted of three kinds of rules: The phrase structure rules created the deep structures of sentences, transformational rules operated on these deep structures to produce the surface structures of the language and Morphophonemic rules changed lexical forms where necessary.” (Waria, 2012:3).

Hima jechuun tuuta jechootaa seeraan walitti qindaa’ee ergaa guutuu dabarsuu danda’uudha. Kunis yeroo adda addaatti kallattii garagaraan hiikamaa tureera. Gama hayyoota xiinqooqaa duriitiin yoo ilaalle, “a sentence is a group of words containing a subject plus a predicate and expressing a complete thought.” (Ahmed, 2012: 215). Akka barreessaa kanatti, himni walitti dhufeenya jechootaa ta’ee ; gulummo, eertoofi addeessa (expressing) of keessaa qabu jedha.

Dabalataanis, xiinqooqni yeroo duriifi ammaa hedduu kan dhugoomsan xiinhimni caasaa kan bu’uuru ta’ee, waan wal isaan fakkeessuuf dhaabbatanii fi hubatamu kan qabuudha. Caasaan kunis, ciroolee irratti hundaa’ee, gaaleedhaan guutuu yoo ta’u, isaanis, waldeeggaranii caasaa isaanii olii kanneen uuman akka ta’e waraabbiin armaan gadii ni dhugoomsa.

Many traditional and more recent linguistic explorations of syntax have been concentrated on the structure of more complete utterances that can stand alone and be understood. These structures are normally based on clauses, which have a conceptual completeness that is missing when a phrase is uttered alone. Phrases, then, like words, form part of larger structures and are not usually complete in themselves, without either the rest of the clause or some context that can fill in a clause-like conceptual structure.(Palgrave, kanneen biroo 2006: 202).

Dabalataanis himni gumii jechootaa sirnaan walta’anii hiriiraniin ijaaramee kan uumamu, wanta hiika kennuudha.Tuutni jechootaa walitti dhufee waan ijaarameef qofa himni hin uumamu. Kanaafuu himni tokko hima jedhamuuf ulaagaalee armaan gaditti kanneen guutee argamu qaba.

‘Tartiiba jechoonni ittiin qindaa’an seeraan taa’uu qaba.Ergaa hiika qabu dabarsuu qaba.Hawaasicha afaan sanaatiif fudhatamuu qaba.Yaadni hima sanaa dhugoomuu qaba.’(Wasanee, 2018:43).

Kana malees, (Cook, 2003:6), himaaf yemmuu hiika kennu, "Sentence is defined as containing a complete thought and was composed of subject about which something is said and predicate, about the subject" jedha. Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubatamu hima jechuun ergaa guutuu dabarsuu kan danda'u, mathimaafi gochima kan of keessaa qabuudha. Bu'uruma kanaan, uunkaalee xiinqooqaa xixiqqaan waliin ta'uun, caasaa isaan irra guddaa tokko ijaarratu. Caasaan hundarra guddaa kan ergaa guutuu dabarsuu danda'u, kun immoo hima jedhama. Kanaafuu, himni gama caasaatiinis, ta'ee hiikaatiin kanneen biroo ni caala jechuudha. Gama caasaatiin yoo ilaalle, miiltoon himaa gaalee maqaafi gaalee xumuraati. Kana jechuun, yoo xiqqate himni tokko gaalewwan handhuura ta'an kana lamaan irraa ijaarrama jechuudha. Hayyootni caasluga duudhawaa, himni tuuta jechootaa kan matimaafi(subject) guuttuu (complement) qabu ta'ee ergaa guutuu (complete thought) tokko kan dabarsuudha jechuun hiiku. Kaan immoo, matimaafi kutima (predicate) kan of keessaa qabu caasaa olaanaa akka ta'e ibsu. Hiikawwan kana keessatti guuttuu, erga guutuufi kutima agarra (Addunyaa, 2017:265).

Dandeettiin dhalli namaa afaan jalqabaa yookiin afaan lammaffaa keessatti waan maddisiisuufi horsiisuu irratti qaban irraa ka'ee namni hamma himoota dhuma hinqabne hubachuutti ga'a. Kunis himoota namni sun dhaga'ee hin beekne kan dabalatuudha.

“Productivity and creativity in human language refer to ability to generate(construct) and understand an indefinitely large number of sentences in one’s first or second language, including sentences that one never heard before.” (Fatai,2014:40).

Yaadxina maddisiisaa keessatti hima caasessuun damee lamaan kan kaa’amu yoo ta’u, kunis caasaalee qaama waliin hiriire keessa jiruufi achi keessaa hafe beekuuf nu gargaara. Yaada kana ilaalchisee: ‘In generating sentences by means of transformational grammar it is necessary to analyze trees, testing for the presence or absence of various structure.’ (Friedman, And Theodore, 1968:5). Dabalataanis hayyuun kun, yaada kana akkan jechuun dabaalee jira. “In generative grammar, it was argued that syntax consisted of two types of rules, phrase structure rules and transformations. The phrase structure rules specify what is a constituent or in other words, they reveal the hierarchical structures of sentences. Transformations perform various syntactic operations on the output of the phrase structure rules to produce surface structures.”

Yaadxina maddisiisaa keessatti xiinhimni kutaa lama kan ofkeessaa qabudha. Isaanis: seera D-structure(caasaa-D) fi ‘transformations’ kanneen jedhamaniidha. D-structure’n seerri caasaa gaalee achi keessa jiru tuuta walqabsiistotaa hima sana guutuu taasisan kan too’atudha ‘Transformation’n ammoo caasaa keessoo gaalee irra dhaabbatee seera caasaa xiinhimaa irra keessa ta’e too’ata.

Caasaa keessoo afaanii jechuun walitti qabama caarree (abstract) kutaa caasaa, wantoonni caaseffamaa fi hiikaa isaa murteessan keessatti mul’atanidha. Yaada kana ilaalchisee ‘Deep structure is an abstract level of structural organization in which all the elements determining structural and semantic interpretation are represented.’ (Waria.O, 2012:,4).

Yaadxinnooni yeroo ammaa seeronni afaanota addunyaa baay’ee walitti dhiheenya waan qabaniif seeronni xiqqaachuu qabu jedhu. Kunis hiika nuti xiinqooqa afaanotaatti kenninu kan dhiphisuudha. Haalumakanaan, yaadxina caasessaafi maddisiisaas muraasa dabalatee seerri afaanotaa waan ifa hintaaneef baay’ee bal’aa ta’e hammata. Kanaaf, yaadxinooni ammayyaa kunneen bal’ina seera afaanotaafi kutaan himaa; matimaafi eertoodha, yaada jedhu haala armaan gadiitiin qeequ. “Modern grammarians including structuralists and transformationalists have criticized such a definition for being vague and too general. They claimed that such a definition

would make any sentence which contains of a subject plus a predicate as a sentence.” (George, 2006:74).

Akka hordoftoota yaadxina maddisiisaatti himni tuuta jechootaa mathimafi xumura kan qabuta’ee yoo xiqqaate caasaa keessoo tokkoofi alaa tokko kan ofkeessatti qabatuudha. Hiikni gaalee yookiin himaa haala yaadxina duriitiin yoo ilaalaman seeronni waan baay’ataniif nibal’ata. Yaada kana ilaalchisee: “For transformationalists, a sentence is a group of words within which a full syntactic analysis is possible yet which has at least one deep structure and a surface structure.” (Ahmed, 2012:215). Akka warra yaadxina walqunnamsiisaatti ammoo, himni tokko caasaalee xiinhimaan irraa xiinxalamu guutuu kan ofkeessaa qabu ta’ee; yoo xiqqaate caasaa keessoofi irra keessaa irraa kan ijaarameedha. Dabalataanis, ‘syntax (the rules that determine how words combine into phrases and sentences)’ (George, 2006:75). Kunis kan ibsu, Xiinhimni seera qindaa’ina gaaleewwaniifi himaa kan too’atuudha. ‘In some sentences, it is neither easy to associate the observable phonetic and features with the meaning elements of the sentences. However in many sentence such straight forward association is not possible because there are no phonetically observable features in the sentence.’ (C-J Jamse & Y-H Audrey/L, 1996:60). Himoota yookiin gaalee tokko tokko keessatti dhamsagoonni qaama sana guutuu taasisan agarsiisuufi amala isaan achi keessatti kutaalee biraa waliin qaban tasuma ulfaachuu danda’a. Himoota hedduu keessatti haalli kun kan hin danda’amne yoo ta’u sababiin isaa ammoo gaalee yookiin hima keessatti amala addatti mul’atu kanneen hinqabneedha.

### **2.3. Gulantaalee Himaa**

Himni tokko qaamolee gurguddoo lama ofkeessaa qaba. Gaalee maqaafi gaalee gochimaati. Gaaleewwan kunneen handhuura hima tokkooti. Akkasumas, gaaleen maqaa akka matimaatti gaaleen gochimaa immoo akka kutimaatti tajaajiluu danda’u. (Addunyaa 2017:267).

Himni gaalee maqaafi xumuraa ofjalatti qabata jechuun namoonni garagaraa ni heeru. Haata’uu malee, gulantaa himaa keessatti gaaleen maqaa akka guuttuu gaalee xumuraa ta’uun ala qofaatti gulantaa himaa hintaatu. Yaadota gara garaa jiru keessaa kan Addunyaa haa ilaallu.

‘Hima keessatti kutaan akka matimatti tajaajilan gaalee maqaati. Gaaleen kunis, maqaa yookiin bamaqaan hogganama. Matimni qaama himaa kan gocha tokko raawwate ykn kan waa’een isaa dubbatamu yoo ta’u; yeroo baay’ee tajaajila kanaaf kan oolan maqaa ykn

bamaqaadha.’(Addunyaa, 2017:267). Himoota Afaan oromoo keessatti matihimni jalqabarra ta’uudhaan kanneen biroo of duuba hiriirsa.Garuu caasaan jalqaba hima irra jiru yeroo hunda matima jechuu miti.

Fakkeenya: Fardi garbuu fixe.

Bishaan muka nutti yaabe. (Addunyaa, 2017:267)

Akka fakkeenya armaan oliitti Fardiifi Bishaan kan jedhan matihima. Kan matihima isaan taasise immoo, jalqbarratti argamuu isaanii qofa miti.Bifoondi jechootaa akka matimaatti galan kana matimummaa isaanii hubachuuf karaa saaqa. Bifni kun immoo dhamjechoota ofirraa qabaniin ilaalama.Himoonni tokko tokko matimni isaanii ifatti hin mul’atu.Haata’uu malee kanneen akkasii matima isaanii eertuu gochima irraa tilmaamuun nidanda’ama. (Addunyaa, 2017:267)

**Fkn:**Deemuun kiyya hin oolu.(ani)

**Rafte.(isheen)**

Gaaleen xumuraa kutaa himaa gaalee maqaa erga irraa bahee hafuudha.Kanas, barreessitoonni tokko tokko kutima jechuun waamu.Kanaafuu kutimni qaamolee himaa keessaa tokko ta’ee, matima irraa haquun kutaa himaa isa hafuudha. Kutaan himaa kun antima kallattii yookiin alkallattii, maqibsa,gochibsaafi gochima of keessatti haammata. Kanneen keessaa; inni baay’ee barbaachisaafi kutaa kana jalatti, waamamu gochima.(Addunyaa 2017: 269).


Egaa xiinhimni damee xiinqooqaa ta’ee saayinsii waa’ee hima afaanotaa adda addaa kan qo’atuudha. Haaluma kanaan, xiinhimni Afaan Oromoos, himoota afaanichaa fi kutaalee achi keessatti hammataman kan qo’atuudha. Kanumarraa ka’uun himni akkaataa yaadxina sagantaa xiqqeenyummaatiin gulantaalee sadii kan of keessaa qabuudha. Isaanis, gulantaa gaalee guuttuu (Complimentiser phrase),gulantaagaalee hortee (Inflectional phrase)fi gulantaa gaalee xumuraati (Verb phrase). Halumaa kanaan, himni matihimaafi xumura kan qabu qindaa’ina jechootaafi gaaleeta’ee ergaa dabarsuu kan danda’uudha. Walumaagalatti himni damee xiinqooqa nuusaa ta’ee caasaalee adda addaa of keessaa kan qabuudha.

Himni walitti qabama qaamolee afaan tokko keessatti ergaa dabarsuuf gargaaraniiti. Innis, uunkaalee xiinqooqaa xixiqqaan walitti dhufuun kan ijaramuudha. Himni tokko hima jedhamuuf qaamolee adda addaa ofkeessaa qabaachuu qaba.

Yaada kana ilaalchisee(Addunyaa, 2012:267-270), yoo tarreessu, “qaamoleen himni tokko ofkeessatti qabaachuu qabu matimaafi kuthima yoota’u kuthimni gochibsaa fi gochima kan hammatuudha.”

Himoonni gulantaalee gaalee sadii kan ofkeessti hammatuudha. Kana jechuun hima keessatti tajaajila adda addaa kanneen kennan gulantaalee gara garaati. Gulantaa gaalee xumuraa, gulantaa gaalee hortee fi gulantaa gaalee guuttuu, jechuudhaan beekamu. Kanas, (Radford fi kaawwan, 2009:261), haala kanaa gadiitiin kaa’anii jiru.


### 1. Gulantaa Gaalee Guuttuu (Complementizer Phrase (CP) layer)



Caatoo armaan olii keessatti CP'' 'n (complementizer phrase) gaalee guuttuu guddaa jechuudha. CP' 'n ammoo gaalee guuttuu xiqqaa jechuudha. Kunis, tajaajila himoonni sun kennaniin kan durfamuudha. Kunis, gosoota himaa irratti hundaa’uun faayidaawwan himichaatiin kan hogganamu jechuudha.

### 2. Gulantaa Gaalee Hortee (Inflectional Phrase (IP) layer)

Gulantaan gaalee hortee latiilee xumura irratti maxxanuudhaan tajaajila henna, ramaddii, lakkoofsafi walsimannaa matihimaa kan ofkeessatti qabatuudha. Gaaleen kun gaalee xumuraa guddaa guuttuu nitaasifata.




Qaamolee tajaajila walsimannaa mathimaa, ramaddiifi henna kan ofkeessatti qabatuudha.



### 3. Gulantaa Gaalee Xumuraa(Verbal Phrase (VP) layer)

Gulantaan gaalee kanaa hima keessatti gaalee horteetti aanee kan dhufudha. Gaalee kana kessattii mathimni akkaataadhuma hima sanaatiin gaalee xumuraa guddaa (GXG2) jalaa kan bahu yoo ta'u; gabbistoonni gaalichaas ammoo gaalee xumuraa guddaa (GXG1) jalaa kan damee isaa argatudha. Akkasumas, guuttuun gaalichaa gaalee xumuraa xiqqaa jalaa kan bahuudha.

Walumaa galatti himni gulantaa gaalee sadii kan ofkeessatti qabatuudha. Gulantaan gaalee xumuraa caatoon isaa haala armaan gadii fakkaata.



Caatoo armaan olii irratti VP'''n verb phrase/ gaalee xumuraa guddaadha. VP'''n kun ammoo gaalee xumuraa xiqqaadha. NP'n noun phrase/ gaalee maqaati. V'n ammoo verb/ xumura jechuudha. Kanaafuu mataan gaalee kanaa xumuraan kan hogganamuudha.

### 2.4. Tajaajila Himoota Afaan Oromoo

Himni uunkaalee xiinqooqaa ta'ee gosoota gara garaa qaba. Akaakuu himaa kanas, barreessitoonni gara garaa qooduuf yaalanii jiru. Kanneen keessaa: Addunyaa, (2017) fi Ikraam, (2013), himoonni Afaan Oromoo kallattii lamaan damee adda addaa jalatti qoodamanii jiru. Isaanis: gama tajaajilaa fi caasaatiini.

#### A. Hima Ergaa/himamsaa (informative/ declarative sentence)

Gosti hima kanaa waa'ee waan tokkoo dhugaa jiru kan lafa kaa'uudha. Akkasumas, odeeffannoo dabalataa nutti himuuf niyaala. "These types of sentence declares of fact or opinion and the either positive or negative sentence always end with period. It gives information makes statement and tell some things" jechuun ibsa. [http:// fossiloveindia.com/types-of-sentence](http://fossiloveindia.com/types-of-sentence)

#### B. Hima Raajeffannoo (exclamatory sentence)

Himni kun tajaajiilli isaa dinqisiifannaadha. Dubbii keessatti dubbataan/ttuun haala haasawaa mi'eeffachuuf yookiin dinqisiifachuuf haalli sagaleessuu isaa/isii olkaa'a ta'a. Kun ammoo, himicha akka raajeffatamu taasisa. Barreeffama keessattis haalli kun mallattoo raajeffannoo teessisuun nikaa'ama. "These types of sentences express exclamation is a form of statement expressing a motion or excitement. Exclamatory always end with an exclamation mark to emphasize a sentence." [http:// fossiloveindia.com/types-of-sentence](http://fossiloveindia.com/types-of-sentence).

#### C. Hima Ajajaa (command sentence)

Gosti hima kanaa akkuma maqaa isaa tajaajila ajajaa kennuuf kan ooludha. Kunis, akka qaamni ta'e tokko waa hojjatuuf ajaja dabarsuudha. "This type of sentence is in the form of command. This is a sentence which tells some one to do some thing imperative sentence when from strongly enough, can also be exclamatory." [http:// fossiloveindia.com/types-of-sentence](http://fossiloveindia.com/types-of-sentence). Gosti hima kanaa wanta ifa hintaane yookiin qulqulleeffatamuun barbaachisu akka adda baafatamuuf kan ooludha. Kunis, odeeffannoo argachuuf kan gargaaru ta'ee mallattoo raajeffannootiin kan xumuramuudha.

#### D. Hima Gaaffii

Gosa hima gaaffii haala kamiin himichi akka gaaffii qabaatu Ikraam Filee Jaalataa (2015:173-174), wabeffattee haala kanaan ibsitee jirti; "gosa hima kanaa jalatti wanta ifa namaaf hintaane tokko qulqulleeffachuuf gaaffii caasaa himaatiin dhihaatudha. Kanaafis, deebii 'eeyyee', 'lakkii', 'miti'... jedhamutu eegama. Dhuma irrattis mallattoo gaaffiitu bu'a." Waraabbiin kun kan agarsiisu yaanni deebii barbaadu akka jiruufi kana agarsiisuuf ammoo, sirna tuqaalee keessaa mallattoo gaaffiin kan xumuramu akka ta'e agarsiisa.

#### D. Hima Hi'eentaa (Negative Sentence)

Himni hi'eentaa tajaajila isaatiin hima ergaa yoo ta'u, dhaamsi yookiin ergaan isaa garuu faallaa waan ta'eef tajaajila addaa qaba. Hiikni isaas adda ta'a jechuudha. Dabalataanis hiikicha bal'inaan ibsuuf xumurri latii hi'eentaa dabalata.

#### E. Hima Hayyamaa (jussive sentence)

Himni kun tajaajilli isaa gocha tokko raawwachuuf yookiin akka raawwatamuuf hayyama gaafachuudha. Himni kun caatoo isaa irratti gaaleen guuttuu akkuma himioota tokko tokkoo tajaajila hayyamaatiin kan hogganamuudha.

## 2.5. Caasaa **Himootaa Afaan Oromoo**

### **A. Hima salphaa(simple sentence)**

Maalummaa hima salphaa Addunyaa, (2017), Ikraam (2013), haala kanaa gadiitiin ni ibsu. Himni salphaan akkuma maqaa isaa irraa hubatamu yaada qeenxee ta'e qabatee kan ijaaramudha. Yeroo hedduu himni tokko hima salphaa ta'uu isaa xumurtuu tokkoofi ergaa tokko akka qabu himamaa ture. Haata'uu malee, mathimni tokko xumurtoota biraa kan sirna tuqaatiin hincufamin walduukaa yoo hiriiruun ergaa adda addaa raawwachuu danda'a. Matihimni tokko ta'uun himicha salphaa akka hintaasisne kan nutti agariisudha. Akkasumas, ergaan hima tokko keessatti argamu himicha salphaa akka ta'uuf gahee guddaa akka qabu hubatamuu qaba.

*Fakkeenyaafi*, 'teessoo sana kennii taa'i' himni jedhu mati-hima tokkoon yoo raawwate iyyuu hima lama kan ofkeessaa qabuudha. 'Ati teessoo sana kenni''fi ati taa'i' kanneen jedhaniidha. Kanaaf, mat-himni tokko yeroo tokkotti gocha adda addaa yoo raawwate sababa mati-himni tokko ta'eef hima salphaa hinjennu. Salphaa gochuu kan danda'u ergaa akka ta'e agarsiisa. Kanaaf himichi hima xaxamaadha.

Fakkeenyaaf, 'Boonaan hirriba irraa ka'ee fuula dhiqatee, ciree nyaatee, itti barttuu qabatee caalaa wajjiin mana barumsaa deeme.' Himni kun hundi isaa mati-hima tokkoon kan raawwate waan ta'eef hima salphaa jechuu hindandeenyu. Sababni isaa ergaa adda addaa waan qabuufidha. Kanaaf, yeroo baay'ee mathima irratti hundoofnee hima salphaafi xaxamaa jechuu akka hindandeenye (Ikraam, 2013), eertee jirti.

### **B. Xaxima(complex sentence)**

Jechi xaxima jedhu jechoota Afaan Oromoo 'xaxaa' fi 'hima' jedhaman irraa bifa diigalaatiin kan uumameedha. Kanuma irraa ka'uun, himni xaxamaan akkuma maqaa isaa irraa hubatamu waan walxaxaa ta'etokkowaan ofkeessaa qabu fakkaata. (Addunyaa 2018:99), 'Hima tokko xaxamaa kan taasisu jiraachuu ciroo hirkataati.' Kana jechuun, xaximni ciroo hirkataa tokkoofi isaa oliificiroo ofdanda'aa tokko irraa akka ijaaramu agarsiisa. Dabalataanis, (Addunyaa, 2017:280), 'Hima xaxamaa jechuun gaalee maqaa yookiin gaalee xumuraatiin xaxamaa ta'uu mala. Kunis, ciroo

milteffachuu danda'a. Akkasumas, (Radfordfi kaawwan, 2009:250), "However, alongside these we also find complex sentences...i.e. sentences which contain more than one clause". Waraabbiin kun xaximni yoo xiqqaate ciroo lama kan ofkeessatti qabatu ta'uu agrsiisa

Fakkeenyaaf, (A). Yemmuu gabaa dhaqxu na waami.

(B). Yoo sooromtes, yoo hiyyoomtes gorsa abbaa kee hindagati. (Addunyaa, 2018:100)

Himni (a) ciroo hirkataa tokkoofi ofdanda'aa tokko irraa kan ijaarame yemmuu ta'u, (b)'n ammoo ciroo hirkataa lamaafi ofdanda'aa tokko irraa kan ijaarameedha.

Xiinhimni saayinsii kutaalee hima afaan tokkoo xiinxalu ta'ee, qaamolee himaa gadi ta'an kanneen ergaa dabarsuu danda'an kan ofkeessatti qo'atuudha. Keessumaa gaaleen tokko tokko yemmuu himaan walgitan yoo mul'atu, Kunis, gaaleen xumuraa, xumura kutaa himaa keessatti fayyadan waan ofirratti qabaatuuf himaan walqixaachuu mala. Matihni isaa ammoo, gulantaalee gaalee hortee fi gulantaa gaalee guuttuu kanneen agarsiisuuf mataa xumuraa irratti argamaniin kan adda baafamuudha.

Kanaafuu, yaanni gaaleen mathmaafi xumara mataa isaa kan hinqabe jedhu gaalee hunda waan hinhammanneef gaaleen jecha tokkoofi isaa ol irraa kan ijaaramu ergaa guuttuu dabarsuun xumuraafi matima qabaachuu ni danda'u. Kutaan himaa ammoo, gaaleedhaan dabaalamee ergaa isaa guuttuu taasifata. Himoota keessaa ammoo himni xaxamaan gaalewwan adda addaa ofirraa qabaachuu dabda'a. Xiinhimni qaamolee akka gaaleefi himaa waan hammatuuf hedduu walirraa hinfagaatan. Walumaagalatti, jechi xiinhima jedhu jechoota Afaan Oromoo xiinxalaafi hima jedhu irraa kan ijaarame, kutaa himaafi gaalee afaan tokkoo qo'achuuf kan gargaaruudha.

### **2.5.1. Mala Xaximni Afaan Oromoo Ittiin Ijaaramu**

Xaximni Afaan Oromoo ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol, ciroo ofdanda'aa ammoo tokko kan ofkeessaa qabu akka ta'e armaan olitti ibsamuuf yaalamee jira. Haaluma kanaan haalli ijaarama hima kanaas, seera Afaan Oromoo bifa eegeen kan ijaaramudha. Kana jechuun tartiiba afaan seera qaba jedhu sana keessa darbuu qaba jechuudha. Akka seera Afaan Oromootti, himni matimaan, antimaafi gochima kan ofkeessaa qabudha. Adeemsa kana keessa ammoo, kutaaleen gaalee maqaafi gaalee xumuraa jala jiran haala tajaajila afaanii miidhagsuun waliingaa yookiin durduubee

fudhachuu malu. Xaximni yeroo baay'ee ciroo hirkataafi ofdanda'aa waan hammatuuf qaamoleen jara kana walitti fidan nijraatu. Kunis waliingaa ta'uu danda'u. Waliingaa kanneen jennuun tajaajila seerlugaa kennuudhaaf kanneen hima hirkatoo taasisaniidha. Fakkeenyaaf, -e, eef fikkf gargaaramuun faayidaa seerlugaa kanneen nuuf kennaniidha.

### **2.5.2. Faayidaa Himoota Hirkatoo xaxima Afaan Oromoo Keessatti**

Afaan kamuu dhimma waliigalteetiif tajaajila. Waliigaltee kana adeemsiisuuf ammoo, kutaan afaanii xiinsagaa hamma xiinhiikatti jiran bu'uura afaanichaa qabaachuun irra jiraata. Himni ammoo kutaalee xiinqooqaa warra kaan irra kan caaluufi hiika kan bal'aa dabarsuudha. Himoota yaada lamaafi isaa oldabarsan keessaa xaximni tokkodha. Himoonni yemmuu walirratti hirkatan ergaa lama gatii qabaniifidha. Faayidaa xaximaa ilaalchisee: "Yet, there are important differences between the two complement clauses they contain. ... (more specifically, a non-past form), ... transpose the whole sentence into the past tense, we use the corresponding past tense" (Radfordfi kaawwan, 2009:251). Cirooleen walduukaa hiriiran kunniin tajaajiloota seerlugaa kanneen akka hennaalee kennuu akka danda'an hubanna.

Kanaafuu, yeroo tokkotti yaada lama dabarfachuu danda'uun, walqabsiistuutti gargaaramuun tajaajila afaaniin darbu miidhagsuufi yeroo gabaabsuun faan faayidaa xaximaati.

### **2.6. Yaadiddamoota Caasaa Hima**

Nasir,(1972) caasaan hiika bal'aafi dhiphaa qabaachuu isaa ibsa. Hiikni caasaa inni dhiphaan kaayyoofi toftaa afaan barsiisuu duubatti hafaafi mala jechoonni adda addaa hima sirrii ta'e ijaaruuf qindaa'an irratti kan xiyyeeffatuudha. Kana malees dameewwan afaanii keessaa hima irratti kan xiyyeeffatuufi caasaa afaanii isaan xixiqqoodhaaf xiyyeeffannoo kan hin kenninee ta'uu isaati. Kanaaf akkaataa hiika kanaatiin kaayyoon barnoota caasaa himoota sirrii ta'an ijaaru danda'uudha (Nasir,1972). Ur,(1996 ) yaaduma kana yemmuu cimsu "Structurer is some times defined as the way the words are put together to make correct sentences," jedha. Akka waaraabbii kanaatti xiyyeeffannoo guddaan adeemsa baruufi barsiisuu keessatti kennamu haala qindoomina himaa waan ta'eef barattoonnifi barsiisonni waliin dubbii yookiin shaakala dubbiiitiif bakka hin kennan. Haata'u malee gosti hiika caasaa kun akka Atkinsfi kanneen biroo (1995) fi Nasir (1972) jedhanitti adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti gahee mataa isaa qaba. Kunis walitti dhufeenyi jechootaa hiika yookiin ergaa tokko dabarsuuf baa'yee barbaachisaa akka ta'e kan

hubachiisudha. Hiikni bal'aan immoo caasaa afaanii xiqqaadhaa hanga guddaatti jiran irratti kan xiyyeeffatuudha. Kana jechuunis sirrummaa qindaa'ina kutaalee afaani irratti qofa kan xiyyeeffatu osoo hin taane waa'ee hiikatis kan kaasudha (Ur, 1996). Akka yaada hayyuu kanaatti, rakkooleen walquunnamtii afaan lammaffaa keessatti muudachuu danda'an garaagarummaa hubannoo caasaa irraa kan maddaniidha.

Hiikni kunis gaaffilee, wantootni hiika caasaa dhiphaafi isa bal'aa walfakkeessu maali? qabxiwwan gargar isaan taasisan maalfa'i? jedhan deebisuu kan danda'uudha. Qabxiileen akaakuu hiikaa kana lamaan walitti fidan keessaa inni tokko, himni akka qaama afaanitti fudhatamuufi tartiibni jechootaa bakka guddaa qabaachuu isaati. Akka hiika kanaatti caasaan afaanii martuu erga hiika qabaatanii (sagaleerraa hanga qaamota isaa oliitti jiran) fudhatama qabu. Kana malees hiikni kun walitti bu'iiinsa yaaxxinoota afaan lammaffaafi isa duraa kan salphisuudha (Nasir 1972). Dabalataanis, Barnoota afaanii keessatti seera afaanii eegani fayyadamuufi waliigaltee uumuu irratti kan xiyyeeffatuudha. Haata'uu malee rakkoo guddaan ilaalcha kanaa seerri altokko caasaa tokko keessatti fayyadu si'a biroo seeran ala ta'uu isaati. Atkinsfi kanneen biroo, 1995).

## **2.7. Sakatta'a Barruu Walfakkaatanii**

Mata duree kana jalatti qorannoolee mata duree qorannoo kanaatiin hariiroo yookiin walitti dhufeenya qaban kan ilaalamaniidha. akkasumas, gama seerluga afaaniitiin walqabataniin wantoota qoratamantu dhihaata. Kanaafuu, mata duree barruu walfakkaatan kana jalatti barruuleen walitti dhiheenya qaban qorattuudhaan sakatta'amanii mata duree kanaan walcinaa qabamuun haala armaan gadiitiin ilaalamanii jiru.

Haaluma kanaan, mata dureelee qorannoo kanaan walitti dhiheenya qaban qorattuun sakatta'amanii qorannoo kanaan walcinaa qabamuun ilaalamanii jiru. Isaanis;

Shifarrow Balaayin (2009), ' xiinxala caasaa himaa kitaaba barattootaa kutaa 11<sup>ffaa</sup>, caasluga Afaan Oromoo Jildii-1<sup>ffaa</sup>, furtuufi 'tuujuba', kan jedhu yoo ta'u gosti qorannoo Shifarrow gosa qorannoo waliin madaaluutiin (comparative research) yoo ta'u kun ammoo qorannoo akkamtaa (qualitative research) dha. Akkasumas, Shifarraan haala kitaabonni kunniin itti caasaa himaa dhiheessa ilaale malee hima xaxamaa addatti baasee hinilaalli. Dabalataanis, qorannoon Shifarraa

himoota kitaabilee keessa jiran haala dhihaannaa isaa kan xiinxale yoo ta’u, qorannoon kun ammoo, xaxima seeneffama Afaan Oromoo keessaa walitti qabuun kan xiinxaluudha. Kanaafuu qorannoon kun lamaan hariiroo alkallattii malee kan kallattii wajjiin kan hinqabneedha.

Akkasumas, Dajene (1980), “Verbs in Oromo Sentence Patterns.” jedhu irratti kan adeemsifamedha. Qorataan kun gosoota himaa irratti haala gaaleen maqaafi gaalee xumuraa achi keessatti kutaalee isaanii itti babal’ifatan irratti kan adeemsifamedha. Qorannoo Dajanee gaalewwan hima keessatti mul’atan xiinxale malee hima hinxiinxalle. Kanaafuu qorannoo koofi kan Dajanee hariiroo alkallattii qofa wajjiin qabu.

Gurmeessaa (2015) “Qaaccessa Caasaa jechaafi hima Afaan Oromoo kitaabilee barnootaafi kitaabilee wabii” jedhurratti qorannoo geggeesseen caasaa jechaafi himaa Afaan Oromoo dhiyeessuu irratti kitaabilee barataa, qajeelcha barsiisaa kutaa 9ffaafi kitaabilee wabii Furtuufi Bantuu haaraa keessatti hanqinoota garagaraa caasaa jechaafi himaarratti akka mul’atu argannoo isaatiin mul’isee jira. Qoratichi hanqinoota argannoo isaatiin eereefis yaada furmaataa kaa’ee jira. Kunis, qopheessitoonni meeshaalee barnootaa dhimma caasaa jechaafi himaa irratti xiyyeeffannoo guddaa akka gochuu qaban eeree jira. Qorannoon Gurmeessaa qorannoo haala gaariin kan dhihaate yoo ta’us, akkaataa kitaabileen kun itti dhiheessan ilaale malee himni kun maal akka fakkaatu waan ilaale hinqabu. Kanaafuu qorannoon Gurmeessaa qorannoo kanaan alkallattiidhaan ala kallattiidhaan hariiroo kan hinqabaannedha.

Dhuma irratti Ikraam Ahmad, (2012), ‘Caasaa Gaalee Maqaafi Gaalee Xumuraa Afaan Oromoo: Bu’uura Yaadxina Maddisiisaatiin ’ jedhu irratti kan adeemsifedha. Qorannoon Ikraam caasaa gaalewwan kanneenii haala gaariin kan lafa kaa’e yoo ta’eyyuu, gaaleen kutaa himaa keessa tokko ta’uu isaatiin ala hariiroo kallattii kan wajjiin hinqabnedha. Seeneffama Afaan Oromoo, ‘Nattoo’ keessaa gaalewwan kanniin fudhachuun kan caatoofi ibsaan keesse yemmuu ta’u, mata dureen qorannoo koo ammoo, xaxima seeneffama keessaa walitti qabuun xiinxaluu waan ta’eef hariiroo kallattii kan hinqabnedha.

Qorannooleen armaan olitti eeraman karaa sadiin ilaalamu. Kunis isa caasaa gaalee kan xiinxalame, caasaa gaalee hima keessatti kan ilaalaniifi haala dhihaannaa himaa kan ilaananiidha. Qorannoon Shifarraafi Gurmeessaa xiinxala caasaa himaafi caasaa himaafi jechaa kitaabilee

barnootaafi wabii keessatti haala isaan itti dhiheessan kan ilaalan yoo ta'an, Dajaneen ammoo, gaalee maqaafi xumuraa hima keessatti kan xiinxaleedha. Ikraam ammoo; caasaa gaalee maqaafi gaalee xunuraa kan xiinxaltesha.

Kanaafuu, qorannooleen armaan olitti heeraman kunneen hariiroo alkallattii malee kallattiidhaan kan wajjiin hinqabaannedha. Qorannooleen kanneen hariiroo kallattii mata duricha waliin qabaachuu baataniyyuu kaayyoon hunda isaaniyyuu qorannoo afaaniifi caasluga irratti waan xiyyeeffataniif akka barruu walfakkaatanitti fadhatamanii jiru.



## **BOQONNAASADII :MALA QORANNOO**

Boqonnaa kana jalatti malleen qorannootiin kan walqabatan kanneen akka saxaxa qorannoo, akaakuu qorannichaa, iddattoowwaniifi tooftaa iddatteessuu akkasumas, mala qaaccesssa qorannoo tokko ittiin xiinxalaman bifa kanaa gadiitiin dhihaatee jira.

### **3.1. Saxaxa**

Qorannoon kun akaakuu qorannoo akkamtaati. Saxaxni qorannichaa addeessaa yoo ta'u. qorannicha milkeessuuf maddii odeeffannoo himoota Afaan Oromoo xiinxalaman kunneen durdurii hawaasni Oromoo itti gargaaramu adda addaa keessaa kan fudhataman yemmuu ta'an, erga qaaceeffamanii booda mala ibsaatiin xiinxalamani jiru. Addunyaan, (2011:63) Cohen, Manionfi Morrison, (2006:73) wabeeffachuun waa'ee saxaxa qorannoo yeroo ibsu," research design is governed by notion of fitness for purpose. The purpose of the research determined the methodology and design of the research", jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, saxaxni qorannoo galma ga'insa qorannoo tokkoo kan qabatudha. Akkasumas, gaaffilee qorannoo bu'uura deebisuuf yookaan kaayyoo qorannoo galmaan geessisuuf kan gargaarudha.

Kaayyoo kana galmaan gahuufis, qorannoon kun malleen qorannoon tokko itti gargaaramu fayyadamuun kan adeemsifamedha. Kanaafuu saxaxni qorannoo kana addeessaa yoo ta'u; Sababiin isaas qorannoo kana keessatti odeeffannoon walitti qabaman lakkoofsaan osoo hin taane mala ibsaan hiika kan itti kennamedha.

### **3.2. Akaakuu Qorannichaa**

Qorannoo kana gaggeessuuf malli qorannoo hojiirra oole mala qorannoo akkamtaati. Qorannoon akkamtaa ammoo ragaa dhihaate jechaan ibsa itti laachuun akkam ta'a isa jedhu kan xiinxaluudha. Walumaagalatti, sababni qorattuun mala qorannoo akkamtaa filatteefis dhimma qorannoo ishee kallattiidhaan odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa ta'e funaannaachuufi dhugoomsuufidha.

### **3.3. Madda Ragaa Qorannichaa**

Qorannoo geggeessuu keessatti maddi odeeffannoo karaa lamaan argama. Isaanis, madda odeeffannoo jalqabaafi madda ragaa lammaffaati. Kana ilaalchisee: Addunyaan (2011) "madda ragaa tokkoffaa qorataan tokko qaama dhimmi isaa ilaallatu bira dhaquun qorannoo isaa kan

geggeessudha.”jedha. Kana jechuun odeeffannoo qorannoo sanaaf ta’u fuulaa fuulatti ragaa barbaadame sun kan argamudha. Qorannoo kana geggeessuuf maddi ragaa qorattuun itti dhimma baate, madda ragaa tokkoffaadha. Qorattuun qorannoo kanaatis, odeeffannoo kana funaannachuuf namoota naannoo isheetti argaman dhiira sadiifi dubartoota sadii gandoota adda addaa keessa jiraatan irraa oduu durii waraabuun kan walitti qabattedha.

### **3.4. Mala Iddattoofi iddatteessuu**

Iddattoon qoraannoo kanaa durdurii hawaasni Oromoo itti gargaaramu keessaa hima xaxamaa filachuu yoo ta’u, malli iddattoo filachuu qorannoo kana galmaan geessisuuf filatame ammoo mala akkayyoo (kaayyeffataa)dha. Namoota sanneen keessaa dubartoota sadiifi dhiira sadii manguddoota gandoota gara garaa keessa jiraatan tooftaa iddatteessuu miti carraatiin filachuun ragaa barbaaddu irraa fudhattee jirti.Ragaa kana manguddoota irraa kan fudhatteef, kaayyoo qorannoo kanaa dhugoomsuuf hojiirra kan ooledha.

### **3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa**

Milka’ina qorannoo tokkoof qorattuun mala odeeffannoon ittiin guuramu addaan baastee beekuun barbaachisaadha.Milkaa’ina qorannoo kanaatiif qorattuun tooftaa waraabbii seeneffamaa (recording)tti dhimma bahuun odeeffannoo qorannichaaf ta’u funaannattee jirti.

### **3.6. Mala Qaacceessa Ragaa**

Akkuma armaan olitti ibsame qorannoon kun qorannoo akkamtaati. Odeeffannoon qorannoo akkamtaa ammoo mala ibsaatiin/ addeessaatiin kan dhihaatudha. Qorannoo kana keessatti malli ragaaleen ittiin qaacceffame mala addeessaati. Kanaafuu, ragaaleen madda ragaa irraa walitti qabaman bifa ibsaatiin xiinxalamani jiru. Kana jechuun, qorattuun odeeffannowwan madda ragaa irraa funaanaman, mala addeessaa fayyadamuun bifa ibsaatiinkan xiinxaltedha. Mala odeeffannoon ittiin hiikamu keessaa,mala akkamtaa (Qualitative data analysis) fayyadamtee ragaalee madda ragaa irraa walitti qabaman kanneen keessaa hima xaxamaa funaannachuungadi fageenyaan kan qaacceffamaniidha.Ragaawwan qorannoo bifa ibsaatiin erga xiinxalamani booda mala dhihaannaa akkamtaatiin qaacceffamanii jiru. Walumaagalatti, ragaaleen kunneendurdurii irraa walitti irraa erga walitti qabamee jechaan ibsamuun bu’aan xiinxallii kun ammoo tokko tokkoon isaanii jalatti kan kaa’amani jiru.

## **BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE**

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen madda ragaa irraa walitti qabaman akkaataa gaaffilee qorannoo koo bu'ureeffaten qaaceffamanii jiru. Kunis, xaximni seeneffama durdurii keessatti argamu akaakuu himaa kami akka ta'e adda baafamuun akka mata duree tokkotti xiinxalamee jiru yoo ta'u, himoonni hirkatoon xaxima Afaan Oromoo ijaaran faayidaa akkamiitiif akka oolan adda baasuunis xiinxalamee jira. Dhuma irrattis, caasaan xaxima seeneffama durdurii Afaan Oromoo keessatti argamu maal akka fakkaatu xiinxaluun haaluma gaaffii qorannoo kana bu'ureeffatee kaa'amee jira.

### **4.1. Tajaajila xaxima seeneffama keessaa fudhatamee**

Himni caasaa afaanii hunda irra caaluufi ergaa afaan sanaan darbu daran akka ibsuu danda'u boqonnaa lammaffaa keessatti ilaalamee jira. Haalli qoqqooddii himaa ammoo, caasaa hima sanaafi ergaalee himootaa irratti hundaa'uun akka qoodamanis ilaalamee jira. Kanaafuu, mata duree kana jalatti, akaakuun hima kanaa gama caasaatiin xaxima ta'uun isaa adda bahee waan jiruuf, gama tajaajila isaaniitiin himoonni xaxamoon askeessa jiran maal maal akka ta'an haala kanaa gadiitiin kaa'amanii jiru.

#### **A. Hima ergaa**

Xaximoonni seeneffama qorattuun walitti qabde keessatti argaman hedduudha. Isaan keessaa; himni ergaa isa tokkodha. Himni ergaa akkuma boqonnaa lammaffaa jalatti ibsame tajaajilaan ergaa kan ta'e, gama caasaatiin ammoo, caasaa hima salphaa, xaxima, dachaafi dachaa xaxamaa ta'uu danda'a. Haaluma kaayyoo qorannoo kanaa bu'ureeffateen xaxima tajaajilli isaanii ergaa ta'e dabaleewwan qorannoo keessaa walitti qabamuun bifa kanaa gadiitiin kaa'amanii jiru. Akaakuun himaa tajaajilaan hedduu yoo ta'an qorannoo kana keessatti muraasni qaaceffamanii jiru.

#### **1. [...[yoo haqqii koo ta'e,][bor ganama dhuf-e-en] baasa.](Dabalee D)**

Himni armaan olii caasaadhaan xaxima yoo ta'u, tajaajilaan ammoo ergaadha. Dabalee ishee keessatti xaximni hedduun akka argamu hubatamee jira. Faayidaan hima kanaa ammoo, ergaa afaanichaan dabarfamuu barbaadame sana bifa xaximaatiin dabarsuuf nugargaara.

Himni kun ammoo ciroon inni jalqabaa hima lammaffaa irratti hundaa’uun ergicha kan dabarsedha. Kunis, walqabsiistuu ‘yoo’ jedhuun walitti hidhamuu ergaan isaanii akka walirratti hundaa’an taasisse.

2. [*Amooleen [sun], [bishaaniin] bulbul-am-e-e dhum-e.*] (*Dabalee D*)

Himni armaa olii ciroo hirkataa miilteffachuun kan uumamedha. Hima kana keessatti cirooleen lama waan argamaniif himichi xaximadha. Akkasumas, tajaajilli himichaa ammoo; hima ergaati. Xaxima kana keessatti faayidaan himni hirkataan kenne yoo ilaallu, ergaa hima jalqabaatiin darbe sana daran miidhagsuufi yeroo qusachuuf jecha yaada walitti hiinee akka dubbannuuf nugargaara. Kunis, amooleewwan jiran keessaa eertuun kan akeekame bulbulamuufi latiin {-am-} jettu xumura sana taasifataa ta’uu kan agarsiistu yoo ta’u, horteen {-e-} ammoo henna darboo mul’isuuf hortee tajaajila ciroo hirkataa kennite fufattee jirti.

3. [*Gugee [sana] fudh-at-e-e] [mana-tti gal-Ø-e.]* (*Dabalee A*)

Himni dabalee a<sup>2</sup>, irraa fudhatame kunis akkuma himoota biroo hima ergaati. Innis ciroo hirkataafi ofdanda’aa irraa kan ijaarame yoo ta’u, murtessittuun ‘sana’ ammoo himicha walitti hidhuun ergicha walirratti hirkatanii akka darban taasistee jirti.

Faayidaan ciroo hirkataa askeessatti tajaajila eeruu kennuun Gugeewwan jiran keessaa kam irratti xiyyeeffate, maaliif akka xiyyeeffatamteef durduricha keessatti waan ibsamuuf akka dhageeffattoonni afaanichaa yaada darbuu barbaadame sana xiyyeeffatan taasiftee jirti. Kanuma irraa ka’uun xaxima keessatti himoonni hirkatoon tajaajila eertoo kennuu akka danda’an hubatamee jira.

4. [*Gugee isaa [akka] ajjef-t-e][itti him-t-e.]* (*Dabalee A*)

Himni armaan olii hima ergaa ta’ee, ciroo ofdanda’aa lama kan gugee ajjeeffefi itti himte jedhamaniifi walqabsiistuu akka jettuun xumurri inni jalqabaa hima lammaffaa irratti akka hirkatu taasistee jirti. Ciroo adda addaa qabaachuun walirratti hirkatee xaxima ta’us, gama tajaajilaatiin himicha hima ergaati.

5. [*Gugee eelee[irra] teessu[ waan argiteef,] rukuttee ajjeef-t-e.]* (*Dabalee A*)

Himni armaan oliis akkuma himmoota kanneenii ciroo hirkataafi ofdanda'aa waan qabuuf xaxima jalatti yoo ramadamu, tajaajilli hima kanaa ammoo ergaa dabarsuuf oola. Kunis, ciroo ofdanda'aa Gugee ajjeefte, Gugee rukuttefi Gugeen eelee irra teesse kanneen jedhanitti ciroon hirkataan waan argiteef jedhu wajjiin hiriiruun xaxima tajaajilaan ergaa ta'e uumanii jiru

#### 6. Hima Hayyamaa(jussive sentence)

Himni kun tajaajilli isaa gocha tokko raawwachuuf yookiin akka raawwatamuuf hayyama gaafachuudha.

[*Hattuuwwan [sunis], [maaloo][Adurree [kana ]qabeenyaan] nuuf geeddaraa.*] (Dabalee D)

Xaximni armaan olii tajaajilaan hima hayyamaati. Kunis, bifa naatoo qabuun hayyama kan gaafatu ta'ee, hima ciroo ofdanda'aa maaloo Adurree kana qabeenyaan nuuf geeddaraa jedhutti ciroo hirkataa "Hattuuwwan sunis" jedhu wajjiin himicha xaxaa taasiste. Mataan hima kanaa hayyamaan waan hogganamuuf himichi tajaajilaan hima hayyamaati.

#### 7. Hima Ajajaa

[...[ija ittiin qara ilaallu malee, [ofilaallu dhabne] koottaa nigallaa.] (Dabalee C)

Himni xaxamaan armaan olii hima ajajaati. Innis mataa (nu'i) jedhuun hogganamuun ciroo hirkataa tokkoofi ofdanda'aa lama ofkeessaa qaba. Askeessatti mataan hima ajajaa akka ta'u kan godhe hima {koottaa nigallaa} jedhuudha. Walqabsiistuun {malee} jedhu ciroon hirktaan ofdanda'oo irratti hirkachuun tajaajila seerlugaa akka kennituuf nugargaarte.

#### 8. Hima Raajeffannoo

[ [ ...Daakuun kadhe] [daaraa na jalaa ta'ee!] awwaalame]. (Dabalee E)

Himni raajeffannoo mataa rajeeffannootiin yoo hogganamu yeroo baay'ee jechoonni amala dinqisiifannaa qaban kunniin bakka dhaabbataa waan hinqabaanneef socho'oo ta'anii mul'atu. Mataan xaxima armaan olii ani kan jedhu yoo ta'u, ciroon ofdanda'aa ani daakuu kadheefi ani awwaalame ishee jedhamaniidha. [...daaraa najalaa ta'ee!] jinni ciroo hirkataa yoo ta'u, kanas hortee {-e}n akka isaan walirratti hidhaman taasistee jirti. Kanaafuu, tajaajilli seerlugaa hortee kanaa ifatti bahuun mul'atee jira.

## 9. Hima gaafii

[...[Maal taate? [qe'een][qe'ee,]nama guddaati.]](Dabalee E).

Himni gaaffii akkuma boqonnaa lammaffaa jalatti ibsame mataa mallattoo kanaatiin kan durfamuu ta'ee, wantoota yaada dabalataa ykin dhageeffataa irraa deebiin nubarbaachisu kan ofkeessatti qabatuudha. Xaximni armaan oliitis, mataa mallattoo kanaatiin durfamuu ciroo hirkataa [..qe'een qe'eee], ofdanda'oo [ati maal taate]fi [qe'ee nama guddaati]jedhaman irraa kan ijaarameedha. Cirooleen kanneen kan walqabsiise jecha qe'een jedhuudha. Innis, qe'echi kan eenyuu akka ta'eefi bakka guddaan kennamuufii, wanta hintaane keessatti achitti akka hinhojjatamne kan akeektudha. Kana jechuun xiyyeeffannoo laatameef agarsiisti jechuudha.

### 4.2. Faayidaa Seerlugaa himoonni Hirkatoon xaxima keessatti qaban

Himni xaxamaan akkuma maqaa isaa irraa hubatamu ciroo hirkataa tokkoofi isaa oliifi ofdanda'oo irraa kan ijaaramuudha. Ijaarama himichaa keessatti haala seera afaanii bu'ureeffateen ciroowwan kunniin walirratti hirkachuun tajaajila seerlugaa adda addaa ni kennu. Kanaafuu, himoonni hirkatoon xaxima keessatti tajaajila kanaa gadii qaba.

- ❖ Haasaa taasifamu keessatti dubbattootaaf yeroon akka qusatamu nitaasisa. Fkn. Amooleen sun, bishaaniin bulbulamee dhume.). Inni kunis, eeruu kennuutti dabalee yeroo keenya kan silaa hima adda addaa lama ittiin waamnu kan qusatedha.
- ❖ Himoonni hirkatoon yemmuu latiilee tajaajila heeruu kennan maxxanfatan waan tokko adda baasuuf ni oolu. Fkn. 'Gugee sana fudhatee manatti gale'. Hima kana keessatti murteessituun "sana" jettu tajaajila eeruu kan laattedha.
- ❖ Adeemsa ijaarama himaa irraa kaasee hamma barreeffama guututti himoota walitti hidhuun tajaajila seerlugaafi haasawaan dabarfatu bareechuuf ni oola
- ❖ Wanti ciroo ofdanda'aan dabarsuu barbaade akka xiyyeeffannoo argatu ni taasisa.
- ❖ Maaltu akka ta'ee fi maal irra dhaabbatamee akka haasawamaa jiru ni mul'isa.
- ❖ Xaximni himoota adda addaa kan qabudha. Kun ammoo, ergaa jechoota baay'een dabarfachuu malu walitti qabsiisuun ariitii yaadicha darbuu nidabala.

### 4.3. Caasaa XaximaAfaan Oromoo

Xaximni akkuma maqaa isaa irraa hubatamu, wantoota xaxamaa ta'e kan ofkeessaa qabuudha. Kana jechuun, ciroo hirkataa tokkoofi isaa oliifi of danda'aa tokko kan ofkeessatti qabatu ta'uusaati.

#### 9. *[[Ani [[haqqii koo[ ta'e]] taanaan. (Dabalee D)*

Himni armaan olii mataa [ani] jedhuun kan hogganamu ta'ee, ciroo hirkatoo lama qaba. Himicha irraa kan hubatamu, mataan himaa akaakuu himaa xaxamaa taasisuu irratti gahee akka hinqabne hubannee jirra. Kanaafuu, xaximni tokko mataa himaa qeenxee yookiin qaamni tokko gochoota adda addaa raawwachuun kan ijaaramu ta'ee, xaximni ijaaramuuf ergaa hima sanaa irratti akka hundaa'u nutti agarsiisa.

#### 10. *[[...bor ganama dhuf-Ø-]-e- en]*

Ciroon hirkataan kun matima {ani} jedhu bifa hin mul'annee duubataa afaanichaatti kan beekamu ta'ee, xumura dhuf- jedhuun hogganamuun tuutni duwwaan {-Ø-} kun ammoo ramaddii tokkooffaa keessatti koorniyaa dhiiraafi dubartii wanti adda baasu dhibuusaa agarsiisa. hortee {-e-}n henna darboo ta'uu isaa kan agarsiistu yoo ta'u, horteen lammaffaan{-en} ammoo, ciroo sana hirkataa taasisuun kutaan seerlugaa kan biroo jiraachuu isaa akeeki.

#### 11. *[[...haqqii koo ta'e] nanbaas- Ø-a]*

Cirooleen hirkatoon armaan olii matima {ana} jedhuun kan hogganamuudha. Innis , ciroo [haqqii koo ta'e] fi haqqii koo taanaan jedhuuf mataa ta'uun ciroo ofdanda'aatti qabsiisuun tajaajila seerlugaa kenneera. Kunis, caasaa hima kanaa tokko tokkoon adda baasuun gaheen isaanii kan nutti mul'atuudha. Xumura baas- jedhu dura {nan} tajaajila sana miidhagsuu,daran xiyyeeffannoo agarsiisuufi eenyummaa qaama raawwatuun kan agarsiistudha.

Xaxima kan taasise ammoo himni hirkataan/ciroon hirkate 'Haqqii koo ta'ee, fi haqqii koo taanaan' jedhu hima ofdanda'aa'Bor dhaqeen baasa', jedhutti tajaajila henna amsiiqaa [-aan]'n jedhu fufachuun hirkatee himicha xaxima taasisee jira.Kunis, xaximoonni hima hirkatoo ofirraa qabaachuu isaanii caasaan ragaadha. Himni hirkataan armaan olii faayidaa adda addaa tajaajila ergaa dabarfamuu barbaadame sanaa bifa qusannaa waytii ofkeessaa qabuun dhimmi itti bahamee jira.

Hima kana keessatti himni ofdanda'ee jiru isa hima hirkate dura kan agarsiisafamedha. Haalli kun kan mul'isu, seera caatoo keessatti dhuma gaalee yookiin kutaalee gaaleen xumuraa ofjalatti hammatu caasaa erga argatee booda gulantaaleen biroo argatu jechuudha. Gaaleen xumuraa ammoo gulantaalee isaa olii kan hima keessatti tajaajila kennan ofirraa caasessuun xumuraafi guuttuwwan xumuraa qofaatti hambifata.

Himni tokko yemmuu caatoo isaa argatu, tajaajila gulantaalee gaalee sadan boqonnaa lammaffaa keessatti bal'inaan ibsame hunduma ni mul'isa. Kana irraa ka'uun himoonni armaan olii kunniin kamtu kam irratti akka hirkates adda baafannee jirra.

Eгаа himoota kana tokko tokkoo ciroo inni qabuutiin adda babaasuun seerluga afaan tokko agarsiisuuf bu'aa guddaa kan qabu yoo ta'u, ergaa afaan sanaa hubachuufi tokko tokkoo qaamolee walsimachuun hima ijaaran gahee tajaajila seerlugaa keennuu keessatti faayidaa isaan qaban adda baasuun barbaachisaadha. Walumaagalatti himni armaan olii hima xaxamaa ta'ee ciroowwan adda addaa kan ofkeessa qabuufi kunis walirratti hirkachuun tajaajila ergaa afaaniin darbu miidhagsuun yeroo dubbataas akka qusatu himaicha irraa hubatamee jira.

**12.a)** [Amooleen[[dhum-]]-e]. (DabaleeD)

b)[Amooleen sun... dhum-Ø-e].

c) [[...[amooleen] bishaaniin bulbul- am- Ø-e]-e dhum- e.]

Himoonni armaan oliitti argaman ofdanda'oodha. Haata'uu malee, horteewwan gara garaa fufachuudhaan walirratti hirkachuun xaxima kan ta'eedha. Kunis, himni xaxamaan yeroo qusachuuf walirratti fufamee ijaarama. Hima b) irra jiru hirkataa kan taasise xumura 'bulbulame' kan jedhu ta'a. Ciroo kana hirkataa kan taasise fufii (-e) kan jedhu yoo ta'u, ishiinis, maaltu gaaffii jedhuuf deebii gatii laatufidha.

Tajaajila himoota wal irratti hirkatanii keessaa tokko durduubeewwan, walqabsiistuufi kanneen biroo guuttuu ykn gabbistuu taasifachuun ergaa afaanichaan darbu akka walirratti rarra'uun yeroo tokkotti yaada bal'aa akka dabarfatu taasisuun isa tokkodha. Kunis, eertoon 'sun' jettu himoota ofdanda'oo 'Amooleen dhume' fi 'Amooleen bishaaniin bulbulame' jedhu hortee xumura dhume jedhu irratti fufamte wajjiinwaltumsuun himoota akka walitti hirkachuun faayidaa seerlugaa akka kennan taasistee jirti. Murteessituun 'sun' jettu amooleewwan jiran keessaa isa bishaaniin



bulbulame adda nuuf kan baasuu tajaajila eertoo kennuun xiyyeeffannoo akka qabaatu kan taasistee fi horteen [-e]'n ammoo, himni lammaffaan waa'ee Amoolichaa ibsu jiraachuu isaa kan agarsiisedha.

Kanaafuu, himoonni walirratti hirkachuun tajaajila seerlugaa yemmuu kennu yeroo keenya qusachuu keessatti gahee qabaachuu irra darbee hennaawwan adda addaa agarsiisuu akka danda'an nu hubachiisa. Hima armaan keesstti hennaaleen mul'atan walfakkaataa yoo ta'aniyyuu qusannaa keessatti himichi qooda kan qabuudha. Haaluma kanaan, himni armaan oliti waa'een isaa addeeffame ciroo hirkataa tokkoofi ciroo ofdanda'aa lama ofkeessaa qaba. Kunis tajaajila ergaa afaanii daran addeessuuf walduukaa hiriiruu isaanii agarsiifamee jira.

**13. a) [[Gugee fudh- at- e]-e] Dabalee A**

b)[...[[ manatti gal-Ø -e.)

Himni armaan oliis ciroo hirkataa tokkoofi ofdanda'aa irraa kan ijaaramedha. Kunis, murteessituun tajaajila eeruu kennite xumura irratti dhamsaga [-e] akka dabalamu taasisuun hirkattummaa himichaa mul'istee jirti. Dabalataanis, durduubeen maqaa mana jedhutti fufamte tajaajila bakkaa kan kenniteedha.

Himni kun qaamolee tajaajila seerlugaa kennuuf ciroon tokko akka isa biraatti hirkachuun haas dubbii mi'eessu hedduu ofirraa qaba. Kana keessatti ammoo, afaan haasaan jiru tokko barreeffamuun akka tajaajilli kun daran mul'atu taasisa. Keessumaa, hima keessatti qaamolee ergaa dabarsuuf waliin hiriiran dhamsaga irraa jalqabee ergaa sana jijjiiruu, tajaajila hirkachiisuu, ibsa dabalataafi xiyyeeffannoo keessatti bakka guddaa waan qabanuuf, tajaajiloota kanneen ifa gochuun barbaachisaadha.

**14. [Gugee[akkaajjeef-t-e][him-t-e.]Dabalee A**

Himni kanaa olitti caaseffame walqabsiistuu akka jedhamuun walitti hidhamuun cirooleen akka walirratti hirkachuun himichi xaxamaa ta'u gootee jirti. Yeroo baay'ee himni caasaa isaatiin yoo xiinxalamuu baate qaamolee ergaa afaan sanaan dabarsaa jiran bakka akkamii akka qaban hubachuu nama rakkisuu mala. Haaluma kanaan xaxima maal irraa akka ijaarame, tajaajila akkamii kenne isa jedhu dura maaltu walitti dhufuun ijaarame kanjedhu ilaaluun barbaachisaadha. Caasaa qofa bu'ureeffachuu osoo hintaane haalli ijaarama hima sanaa seera ganamaa dubbattoota

sanaa nihordofaa kan jedhus, gaaffii caasaa keessatti deebi’u waan ta’eef, kana hubachuun seera himaa adda baasuun gama ergaatti akka ceenuu ni gargaara.

Dabalataanis, gulantaalee gaalewwanii tajaajilaafi bakka bu’ummaa isaanii boqonnaa lammaffaa jalatti ilaalaman sanneeniif deebii kan laatuufi haala argama gaalee kanneeniis waan nutti agarsiisuuf kutaalee xaxima keessatti ergaa dabarsuuf walduukaa hiriiran haala qabatama seera afaan duubbatoota sanaa bu’ureeffachuun barbaachisaadha. Akkasumas, taajijala murteessitootaa, guuttuu, gabbistuufi eertuwwanii nihubatamu jechuudha.

*15). [Gugee [eeleerra][teessuu waan argi-t-e-ef], [ajjeef-t-e].*

Xaximni kanaa olii ciroolee ofdanda’oo lamaafi hirkataa tokko kan ofakeessaa qabuudha. Hima kana keessatti gulantaa gaalee guuttuu jala jiran tajaajila ergaa kennan ciroo ofdanda’aa bu’ureeffataniifi walqabsiistuu (waan, -ef), kunneen himicha akka hirkatu taasistee jirti. Hayyoonni xiinqooqaa hedduun caasaan afaanii seera bu’uuraa dubbatootaatiin ilaalamuufi gama hiikattis darbuuf bu’uurri dubbatoota afaan sanaa akka ta’e lafa kaa’u. Kana jechuun, afaan kamuu seera akka qabu eeru jechuudha. Kanaafuu, tokko tokkoo kutaa xaxima keenyaa addaan baasnee yoo keenyu bu’aa dhamsagaa hamma jechaatti jiru addabaafanna jechuu dandeenya.

Xumurtoonni himoota kana keessa jiran qaamolee adda addaa kan qaban yoo ta’u, isaan keessaa tajaajila hennaa, walsimannaa matimaa ramaddii kanneen agarsiisan gulantaa gaalee hortee jalaa caaseffamuun xumuricha hundeen isaa bu’uuraa akka beekamu taasifamee jira. Haaluma kanaan xaximoota caasessuun bu’aa gaarii akka qabuufi haala fayyadama afaan dubbatootaa bu’ureeffachuun yoo teessifame caalaatti gaarummaa akka qabu qorannoo kanaan mirkaneeffamee jira.

*16). [Hattuuwwan ,[maaloo][Adurree [kana] qabeenyaan nuuf geeddaraa.] Dabalee D*

Xaximni kun murteessitoota tajaajila gara garaa kennaniin dabaalamuun ciroolee ofdanda’oofi hirkataa irraa kan ijaarameedha. Mataan hima kanaa hima hayyamaatiin kan hogganamu ta’ee, murteessituun {jara}, jedhu tajaajila akeekaa kan kenniteedha. Akkasumas, {kana} kan jedhus eeruu yoo ta’e, murteessituun {-an} jettu ammoo maqaa akka maqibsatti akka tajaajilu taasistee jirt. Dabalataanis, {-nuuf} kan jettu ammoo, abbummaa qabeenya jijjiiramuu sana kan agarsiistedha.

Akkaa gaaffii qorannoo bu'ureeffateen kutaaleen himaa walduukaa hiriiran adda baafamuun tajaajila akkamii qaba kan jedhuuf deebii quubsaa kennameera jedhamee amanama. Xaximni qoqqooddii himoota Afaan Oromoo keessatti kanneen tajaajilaafi caasaadhaan argamuu akka danda'u hubatamee jira

#### 4.4. Faayidaa Xaximni Hawaasaaf Qabu

Himoonni kutaa tajaajila afaaniin kennaman irraa caasaa irra ol'aanaa ta'uun boqonnaa sakatta'a barruu qorannichaa jalatti bal'inaan ibsamee jira. Faayidawwan kanneen duduriwwan qorannoo kanaaf madda ragaa irraa argaman irratti hundaa'uun bifa kanaa gadiitiin kaa'amee jira.

- ❖ Qusannaa yeroo dubbattoota keessatti gahee ol'aanaa qaba. Kana jechuun, walqabsiistotatti dhimma bahuun xumurtoota gara garaa fayyadamuu irraa waan hambisuufidha.
- ❖ Tajaajila xiyyeeffannoo kennuuf waan gargaaruuf, dhageeffataan kallattiidhaan yaada dubbatameef salphaatti argachuu isaati. Kunis, yemmuu heertoowwan adda addaa fayyadamu fa'a.
- ❖ Ergaa jechoota baay'een silaa darbuu malu waan hambisuuf, dubbataaf waytii gabaabsa.
- ❖ Maaltu akka jedhameefi maaltu akka ta'uu qabu walitti waan hidhuuf, dhageeffataan haala salphisa. Xaximaa adda baasuun qorachuun kutaalee walduukaa hiriiran eenyummaan isaanii akka beekamu nitaasisa. *Fakkeenyaaf*, a) [Amooleen[[dhum-]]-e]. (DabaleeD), b) [Amooleen sun... dhum-Ø-e]. c) [[...[amooleen] bishaaniin bulbul- am- Ø-e]-e dhume.)
- ❖ Gulantaalee gaalee hima ijaaranii akka adda baafannuuf nugargaara.
- ❖ Jechoonni hima ijaaran tajaajilaan eessatti akka fayyadaniifi caasaa isaanii argachuuf ammoo maaltu akka bu'ureeffatamu adda baasuuf nama gargaara.
- ❖ Himoonni hirkatoon yemmuu latiilee tajaajila eeruu kennan maxxanfatan waan tokko adda baasuuf ni oolu. *Fakkeenyaaf*, murteessituu {kana} jedhu fa'a.
- ❖ Haasaa taasifamu keessatti dubbattootaaf yeroon akka qusatamu nitaasisa. Adeemsa ijaarama himaa irraa kaasee hamma barreeffama guututti himoota walitti hidhuun tajaajila seerlugaafi haasawaan dabarfatu bareechuuf ni oola
- ❖ Wanti ciroo ofdanda'aan dabarsuu barbaade akka xiyyeeffannoo argatu ni taasisa.

- ❖ Maaltu akka ta'ee fi maal irra dhaabbatamee akka haasawamaa jiru ni mul'isa.
- ❖ Xaximni himoota adda addaa kan qabudha. Kun ammoo, ergaa jechoota baay'een dabarfachuu malu walitti qabsiisuun ariitii yaadicha darbuu nidabala.

## **BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA**

Boqonnaan kun boqonnaa xumaraa yoo ta’u, mata dureewwan as jalatti dhihaatan ammoo:goolaba qorannoo, argannoo qorannichaa fi yaada furmaataau as jalatti dhihaate.

### **5.1 Goolaba**

Qorannoon kun mata duree xaxima Afaan Oromoo durdurriiwwan Oromoo filataman keessatti. jedhu irratti kan qaacceefamedha. Kunis, himoonni Afaan Oromoo yeroo hedduu haala dhihaannaa isaan kitaabilee wabiifi barnootaa keessatti qabaniin ala haala seera afaanichaa eegeen qorannoon himaa hammas mara kan mul’atuu miti. Haaluma kanaan, qorattuun qorannoo kanaa qaawa kana bu’ureeffatee qorannicha adeemsistee jirti.

Kaayyoon isaas caasaan xaxima Afaan Oromoo seeneffama durdurii Afaan Oromo keessaa walitti qabuun maal akka fakkaatu xiinxaluun furmaata kennuudha. Caasaan afaan tokkoo haala dubbataa afaan sanaa bu’ureeffateen yoo xiinxalame qaamolee walwajjiin hima sanaa ijaaran xiinxaluu keessattis bu’aa hammama hinjedhamne qaba.Qorattoonni adda addaa afaan tokko xiinhiika isaa hubachuufis caasaan bakka guddaa akka qabu lafa kaa’u.

Dandeettiwwana afaanii kanneen gurguddootti aanee xixinnoo kanneen ta’an seerlugni isa hangafadha.Kana keessaa himni tokko yoo ta’u, tartiiba seera afaanii eegeen qoratamuun kutaaleen hima ijaaran adda bahuun tajaajilli isaanii beekamuu qabu.

Haaluma kaayyoo qorannoo kanaa bu’ureeffachuun durdurriiwwan keessaa xaximni walitti qabamuun xiinxalamani jiru. Irraawwatamni qorannoo qorattuun dhimma itti baate madda ragaa sadarkaa tokkoffaa yemmuu ta’u, meeshaaleen funaansa ragaa ammoo tooftaa akkayyootiin kan filatamaniidha. Odeeffannoon madda ragaa irraa walitti qabame mala ibsaatiin hiikni itti laatamee jira. Ibsi xaximaaf kanaaf kenname ammoo, haala tartiiba gaaffii qorannoo bu’ureeffateen ibsi itti kennamee jira.Walumaagalattii qorattuun qorannoo kanaa kaayyoo qorannichaa galmaan gahuun qaawa gama xaxima caasessuufi tajaajila inni qabu qoratamuu dhabuutiin jiru furuuniifi himoota biroo irratti haaluma kanaan xiyyeeffatamuu akka qabuuf qooda isaa qaba.

## 5.2 Argannoo

Qorattuun qorannoo kanaa mata duree filatte kana gadi fageenyaan erga xiinxaltee booda argannoo lafa keessee jirti. Kunis, haala gaaffii qorannichaa bu'ureeffateen argannoo argamedha.

- 🌸 Kunis, xaximni akkaataa tajaajilaatiin akaakuu hima tajaajilaan qoodamanii keessatti argamuu danda'a.
- 🌸 Gama caasaatiin maqaan xaxima jedhamu kan laatameef ciroolee ofdanda'oofi hirkataa ofkeessaa qabaachuu isaatiin akka ta'e hubatamee jira.
- 🌸 Cirooleen walii wajjiin hiriiran kunneen tajaajila adda addaa afaanicha keessatti qabaachuu isaa hubatamee jira.
- 🌸 Keessumaa haala fayyadama afaanii keessatti qusannoo jechootaa, yeroofi ergaa gara garaa bakka tokkotti dabarsuuf nu fayyada.
- 🌸 Xaximni caasaan addeeffamuun ammoo, tokko tokkoo caasaa himicha ijaaree akka barru nutaasisa.
- 🌸 Jechoonni tajaajila adda addaa kennan garee isaaniitiin waan teessifamaniif garee jecha sanaa akka barru nitaasisa.
- 🌸 Murteessitoonnifi gabbistoonni adda addaa faayidaafi bakka bu'ummaa isaanii akka beeknu nutaasisa.
- 🌸 Himoonni walirratti hirkatan dubbattoota afaanichaatiif bu'aa isaan qaban akka hubatamu nitaasisa.
- 🌸 Adeemsa caasaa/kutaalee xaxima addeessinu keessatti xaximni tokko gulantaa gaalee hammam akka qabu nihubatama
- 🌸 Tajaajila seerlugaa kanneen akka henna, ramaddii, koorniyaa, kkf gama Afaan Oromootiin haala jiru gadi fageenyaan caasicha irraa argamuu danda'uu isaa hubatamee jira.

### 5.3 Yaada Furmaataa

Argannoowwan qorannoo kanaa bu'ura godhachuun akka yaada furmaataatti kanneen kaa'aman; xaximni Afaan Oromoo durduriwwan keessatti argaman tajaajilaafi caasaan isaanii xiinxalamuun furmaata argateera jedheen amana. Haata'uu malee, caasaawwan kunniin gadi fageenyaan xiinxalamuu dhabuufi dhimmi caaslugaa qorattoota eebbaaf qorataniifi kanneen afaan qo'atan biratti bal'inaan akka mata dureewwan biroo waan hinmul'anneef, tajaajilli afaan kennuun ala bu'aan qaamolee hima ijaaranii adda bahanii beekamuu dhiisuu mala. Kanumarraa ka'uun qorattuun qorannoo kanaa yaada furmaataa haala kanaa gadiitiin lafa keessee jirti.

- Qorattoonni Afaan Oromoo biroo akaakuu himootaa biroo osoo qo'atanii gaariidha.
- Qopheesitoonni kitaaba batattootaafi caaslugaa adda addaa caasaa kanneen kaa'uuf kutaa himaa sirriitti osoo xiinxalanii gaarii ta'a.
- Garee jechoota walduukaa hiriiruun hima ijaaranii kanaaf caatoofi tajaajila jechootaa agarsiisuun gaarii waan ta'uuf kitaabni qophaa'u kamuu osoo haalaan kutaa himaa addeessee qaamni kun hubatamuu mala.
- Caasaa himaa agarsiisuun hundee jechoota kanaa gadifageenyaan waan ilaaluuf qaamni dhiimi ilaalu kitaaba barnootaa yoo qopheessu ogeessota afaanii osoo hirmaachisee gaariidha.
- Walumaagalatti seerlugni bu'ura dagaagina afaanii waan ta'eef, qorattoonni osoo irratti xiiyyeffatanii gaariidha.

## **WABIILEE**

Addunyaa Barkeessaa. (2018). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Oromiyaa, Finfinnee.

\_\_\_\_\_. (2017). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa

\_\_\_\_\_. (2012). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa

\_\_\_\_\_. (2011). *Akkamtaa. Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee Adiyaamee Yoordaanos.

Adger, Devid. (2002). *Core Syntax: A Minimalist approach*. New York: Oxford

Ahmed Mohammed S. (2012). *Sentence analysis from point of view of traditional, structural and transformational grammars: International Journal of Academic Research in Business and Social Sciences, Saudi Arabia Vol. 2, No. 12*

C-J Jamse Huang & Y-H Audrey Li. (1996). *Recent Generative Study In Chinese Syntax*.

Cohn. N (2003). *Visual Syntactic Structures: Towards a Generative Grammar of Visual Language*.

Cook, G (2003) *Applied Linguistics*. Oxford: Oxford University Press.

Darlypl (2006). *The study of language 2<sup>nd</sup> (edt)* : Can bridge Oxford University Press.

Dejene Leta (1980). Verbs in Oromo Sentence Patterns. Unpublished MA Thesis. Addis Ababa University.

Fatai Owolabi (2014). *Transformational-Generative Approach towards Understanding Al-Istifham*. Vol.4 .No.10

George Yule (2006). *The study of language 3<sup>rd</sup> eds*. Cambridge university press. New York

Gurmeessa Tujubaa (2015), Qaacceesa Caasaa Jechaafi Hima Afaan Oromoo: *Kitaabilee Barnootaafi Kitaabilee Wabii*: Finfinnee yunivarsiitii Addis Ababaa. (Qorannoo MA)

Ikraam Ahmad, (2013). *Naanniga. Bu'uuraalee Seerluga Afaan Oromoo*: Jimma, Oromiyaa.

\_\_\_\_\_. (2012). *Caasaa Gaalee Maqaafi Gaalee Xumuraa: Bu'uura Yaaxxina Sagantaa xiqeenyummaatiin, Yunivarsiitii Jimma (Qorannoo MA) kan hinmaxxanfamin*.

Joyce Friedman And Theodore S. Mortner. (1968). *Analyzsis in transformational grammar*. *Languag*.

Radford Andrew, Martin Atkinson, David Britain, Harald Clahsen and Andrew Spencer, (2009). *Linguistic- an introduction: 2<sup>nd</sup> ed*. Cambridge University Press



Palgrave. M, Houndmills, Basingstoke and Hampshire . (2006). *Discovering Language: The Structure Of Modern English*. New York. University press.

Shifarraa Balaay (2009), ‘ Xiinxala caasaa himaa kitaaba barattootaa kutaa11<sup>ffaa</sup>.Finfinnee. (Qorannoo MA)

Waria O. (2012). *Models of generative grammars* .university of Baghdad.

Wasanee Bashaa(2018). Seerluga Afaan Oromoo.

[Http://www.syntaxexamples.com/#sthash.LiilEblD.dpuf](http://www.syntaxexamples.com/#sthash.LiilEblD.dpuf)

[http:// fossiloveindia. com/types-of-sentence.](http://fossiloveindia.com/types-of-sentence)

## **DABALEE:- A**

### **1. Hiriyoota sadan**

Gaaf tokko nama sadii ta'anii adamoo otuu deemanii, utuu adeemanii galaa fudhatanii ka'an of harka fixan. Waan nyaatan dhabanii bel'an. Egasiin booda waan beela'aniif waan nyaatan karaanyaata isaanii argatan bardaaduuf taa'anii mari'achuuf walii galan. Soora isaanii kanaaf, akkas jedhanii wali galan . bineensa hariitee dadhabsiisuuf kan isaan wajjin jirtuu sareen waan jirtuuf "saree kana qallee nyaanna" jechun waliif galanii, saree kana akkuma walii galtee isaanittii saree sana qalan. Erga qalanii xumuraniin booda nyaachuuf yeroo jalqabaan sadan isaanii keessaa tokko foon saree waan hinnyaanneef , isaan wajjin nyaachuuf yeroo jalqabu foon saree kanaa of dugda duuba buusa. Nyaatanii erga xumuraniin booda ammas bineensa adamsuuf ka'uuf walii galanii isaan keessaa inni foon saree ofduuba bubbusaa ture lafa taa'a ture ol ka'uu dide. Irra deddebi'uudhaan akka inni lafaa ka'ee isaan wajjin lafa adamoottii deemuuf gaafatan. Sanaan booda gurbaan lafa taa'ee foon of duuba bubbuusaa ture sana yeroo ol ka'u foon isa dudduubaa tuulamee jiraachuu arganii aaridhaan "maalif foon kana of duuba naqxe" jechuun gaafatan.

Innis, deebisee" foon saree tasuma nyaadhee hin beekuu" jechuun isaaniif deebise. Isaanis aarii guddaa irran kan ka'ee itti aaranii nama kana maal gochuu akka qaban lama ta'anii mari'achuuf waliigalan . Akkas jedhan , namichi kun waan nuti goonu nu wajjiniin raawwachuu waan hin barbaanneef hallayyaa guddaa keessa buusna jedhanii waliigalan.

Akkuma waligaltee isaanittii hallayyaa guddaa keessa buusuuf gurbicha fudhatanii ka'an. Utuu adeemanii, utuu adeemanii hallayyaa guddaa argatanii gurbicha keessa buusanii gara adamoo isaanittii imala eegalan. Bosona guddaa keessa waan ta'eef bineensonni garaa garaa achirraa waan socho'aniif yeroo jalqabaaf hallayyaa keessatti kan argee jaldessii itti caraanuu eegalee. Namichis (gurbichis) jaldeessan ati maatii koottii akkan hallayyaa keessa jiruu itii naaf himuu waan hin dandeenyeef darbi jedhe. Yeroo itti aanutti qalameen achirra darbuuf yeroo jettuu namicha hallayyaa keessattii argitee (qis, qis, qis, qis, qis,) jechuun itti kolfuutti kaate. Yeroo kana gurbaan hallayyaa keessa jiru atis itti naaf himuu (maatii koo naaf dhageessisuu hin dandeessuu darbii jedheen

Yeroo sadaffattii kan achi irraan darbuuf utuu jettuu gurbaa hallayyaa keessattii kan argitee gugee (makoodii) ture. Gurbichiis gugee kanattii seenaa isaa manaa ergaa ba'ee kaasee hangaa

gaafa hallayyaa keessa buufamee eegalee seenaa isa jalqabaa kaasee itti himee erga xumureen booda (*maal jettee maatii koottii naaf himte.*)<sup>a1</sup> Isheenis deebistee akka ati natti himtettan siif himaa jette tole jettee debisteef. Gara mana maatii isaa dhaqxee muka guddaa balbala maatii isaa dura dhaabbatu irra teessee akkas jechuun faarsuu egalte.

Nama sadi turanii

Saree qalatanii

Tokko nyaachuu dinnaan

Hallayyaa buusanii

Funyoo furdaan cite

Funyoo qal'aa fudhadhu

Abbiyyee dirmaadhuu

Harmiyyee dirmadhuu

Dhala kee qaqqabadhuu jechuun faarsite'

Gataa(Kosii)balbalaa gad jiru irraa daaraa hammaarrattee balbala duraa eegaltee hanga hallayyaa gurbaan keessattii darbatamee ga'uttii daaraa fifirsaa deemte.

Maatiin isaa daaraa Gugeen kun firfirsitee irraa ka'anii imala ykn adeemsa eegalaan .Utuu adeemanii utuu adeemanii daaraan gugeen firfirsitees hanga hallayyaa kana bira ga'uttii firfirfamee dhaabate. Hallayyaa bira ga'anii yeroo dhaabbataan hallayyaa keessaa kan jiruu ilmaa isaanii ta'uu arganii funyoo fudhatanii dhaqaan sana hallayyaa keessatti fiixee isaa gadii erganiif sanaan booda funyoo kana fiixee isaa sana qabatee ofittii hidhee harkisanii baasaan(*Hallayyaa keessaa ba'ee lubbuu isaa du'a kan olchitee quggee sana fudhatee gara mana maatii isaatti fudhatee gale.*)<sup>a2</sup>

Guggeettinis maatii isaa waliin yeroo dheeraa osoo jiraachaa jirtuu guyyaa tokko akka tasa eelee irra qeeree(buddena eelettii gogde) eelee irraa argite. (*Gugeen yeroo eelee irra teessuu waan argiteef, rukuttee ajjeefte*)<sup>a3</sup> Gurbaanis iddoo biraa oolee gale. (*Gugee isaa yeroo gaafatu, akka ajjeeftee yeroo itti himte.*)<sup>a4</sup>Innis, boo'ee iyyee akka waan namni du'eetti gaddee reeffa gugee isaa kafanee awwalee jedhama.

## **DABALEE:- B**

Dur leencaa fi waraa bessatu wajjin jiraataa turan.Gaaf tokko waliin maryatanii nutoo dullooomaa jirraa (*hanga yoomiitti deemaa kan namaa barbannaa*) <sup>b1</sup> mitii ofumaa keenyaa horii binnee horsiifanna “ jedhanii irratti waliigalan. Horii kan yeroo bitatanu waraabessi sa’aa bitate,Leenci immoo sangaa bitatanii galanii.Osuma tikfatanuu,sa’attiin waraabuu dhalte. Leencis sodaatamaa waan ta’eef isaa sa’ani waraabessaa kun dhalte hinaaffisee dilluu sa’atti fuudhee sangaa isaa jala kaa’e.Sana booda waraabessis argee dubbachuu sodaatee leenci ofumaa isaatii waraabessaan“waraabuu’ argitee kunoo sangaa kootu dhale” jedhee itti hime.waraabuunis, alana sagalee olkaasee mormee. Achitti wal lolanii bineensonnis dhaga’aanii galan .

Loltaa isaanii kana haraarsuuf bineensoni hundi osoo hin afin akka walitti qabaman taasifame. Bineesoni hundi bakka jedhameefi yeroo jedhame eegganii argaman Qamaleen abshaala waan taatef, booda erga bineenonni martii “sangaatu dhale” jedhanii abbaa guddaa sodaatanii xumuruu irraa ga’aan dhufte Aabba guddaan sagalee cicciratanii muka guddaatti “Qaluu “Oo gooftaa! Bineensoni warri kaan yeroo isaanii eeganii dhufan ati garuu tuffii dha moo kan yeroo kana dhufte ?jedhee leenci kun gaafate.Qaluuns asiifi achii erga ilaaltee “maaloo gooftaa koo karaa an dhufaa jiruu lafti tokko babbaqaaqee jennaan osoon hodhuu yeroon natti darbe”jette arka caccabsataa,sodaataa.Aabba-guddaans ,deebii ishee dhaggeeffatee erga xumuure”qalu !ana sobdamoo,nama biraa sobaa jirta? Biyyaa eessaatii lafti hodhama qaluuns dabaree ishee eeggattee “Abbaguddaa biyyaa eessaatti sangaan dhalee beeka?Jettee kolfa ishee qasharaa muka guddaatti ol utaaltee bineensonis kaanis faca’aan jedhama.

## DABALEE:- C

### Ilma Hantuutaa

Bara durii hantuunni ilma addaa tokko argatee baay'ee raajeeffate. Innis sanyii isaa hunda waamee “ilma addaan argadhee kottaa mee waa'ee jireenyaa ilma kootii kanaa mari'annaa” jedhe. Sana booda hantuutonni hundi walgahanii “ilmi kee kun adda waan ta'eef intala addaa fuuchuu qaba” jedhanii murteessani.

Kana booda biyya lafaa kana irraa intala warra cimaa jedhamuu barbaaduu eegalan. Isaani, hamma ammaatti cimaan hundaa olii aduudha, jedhanii “yaa aduu ati biyya lafaa hundarratti mooteettaa, tokkicha gaaraa baatuun ardii hunda qaqqabdaa, kanaaf (*intala kee ilma keenyaa nuuf kenni.*)<sup>cl</sup> *jennee dhufne*” jedhanii gaafatan. Aduun “dhuguma jettan garuu kan na caaluufi jireenya koo gaaga'u duumeessatu jiraa, yoon ifee jedhu fuulduree koo dhaabbatee ifa koo danquun humna kootii ol ta'ee na rakkisaa, isa bira dhaqaa” jette.

Jarris, gara duumeessaa deemuun “aduunyaa kana irratti cimaaniif beekamaan si akka ta'e aduun nutti himee, ilma addaa argannee intala kee nuu kenni” jedhanii gaafatan. Innis “dhuguma aduu illee moo'uu nan danda'a, kan na dadhabsiise tokkotu jira, innis qilleensa yoon bakka tokkotti roobuu jedhe nafuudhee na bittimsaa, kaayyoo koo gufachiisaa, isaan dadhabee isa bira dhaqaa”jedhe.

Ammas, tole jedhanii “yaa qilleensaa duumeessa, aduu dadhabsiisee situ moo'ee, jedhanii mucaa kee ilma keenyaaf kenni” jedhanii gaafatan. Innis, “dhuguma duumeessa illee nan bittimmeessaa muka nan jigsaa, mana nan diigaa, kanan dadhabe tabba qofa, isatu cimaadhaa, isa bira dhaqaa” jedheenii gaggeesse.

Tole jedhanii “yaa tabbaa biyya lafaa kana irratti kan qilleensi hin dandeenye homtuu kan hin sochoofne, siqofa jedhanii, mee intala kee mucaa keenyaaf kenni” jedhaniin. Tabbis, “Dhuguma qilleensi ana waa godhuu hindanda'u garuu immoo kan na dadhabsiisu keessoo koo jira innis xuqaadha. Natti taa'uun qotanii nafxanii keessoo koo dadhabsiisanii na rakkisaa jiru, kan naa olii jaraa isaan bira dhaqaa” jedheen .

Achii warri hantuutaas “siluma ija ittiin qara ilaallu malee of ilaallu dhabne manatti dhiisnee dhufnee xuqaan maatii keenya koottaa ni gallaa” jedhan, jedhama.

## DABALEE:- D

### Qonnaan Bulaa

Qonnaan bulaa mana namaa qaxaramee hojjatu tokkotu ture. Namichi kunis kan hojjatu mindaan kan kaffalamuuf waggaa tokkotti amoolee tokko ture. Mindaa waggaa yeroo fudhatu sana fudhatee laga keessa buusaa ture. (*“yoo haqqii koo ta’e, bor ganama dhufeen baasa.”*)<sup>d1</sup> jedhee deeme. (*Bulee yeroo deebi’u, amooleen sun bishaaniin bulbulamee dhume jira .*)<sup>d2</sup>

Namichi kunis “hojii koo qajeelaan hinhojjanne gatii ta’eef amooleen kun kan koo ta’uu dhabe” jedhee gara hojii isaatti deebi’e. Namichi kun waggaa waggadhaan walitti aansee si’a sadii yeroo kaffaltiin isaaf kaffalamuu Amoolicha sana bishan keessa buusee bishaaniin bulbulamee jalaa dhume. Arfaffaa irratti garuu amoolee isaaf kenname sana bishaan keessa buusnaan utuu hin bulbulamin bishaan keessaa fudhatee gara mana isaatti deebi’e.

Gaaf tokko daldaltoota argatee namoota sana waan beekuuf namoota sanatti amoolee isaa kenne “Gurguratii waan jijjiiramuu tokko naafidaa” jedheen. Namoonni sunis fudhatanii deemanii waan nama isaan irraa bitu dhabaniif “maal goona” jedhanii waliin mari’atanii dhuma irrattis namichi tokko adurree fudhatee gabaa keessa deema ture. Namoonni sunis “kun maal inni?” jedhanii gaafatan” Namichi sunis “nama adurree narraa bitun dhabe” jedhee itti hime. Namoonni sunis “amoolee kana fudhannee galuu irraa nuuf jijjiiri” jechuun gaafatani. Namichi sunis gammachuudhaan jijjiire.

Namoonni sunis adurreettii fudhatanii gara qe’ee deebi’aa utuu jiranuu irratti dhihee naannoo holqa tokkoo siqanii bulani. Halkan sana adurreettiin sun jawween namoota sana nyaachuuf dhufnaan qeensa isiitiin kukkutte namoota sana irraa ajjeestee bulte. (*Holqaa sanabira hattuu danuun waan jiraataniif ganama sana namoota sana bira dhaqanii “maaltu ajjeese?”*)<sup>d3</sup> jedhanii gaafatani. Namoonni sunis “ halkan nu nyaachuuf yeroo dhufu adurreettiin kun nurraa ittiste, utuu isiin hin jiraannee nyaatamnee, qabeenyi keenyas lafatti hafa ture jedhani.

(*Hattuuwwan sunis maaloo adurree kana qabeenya danuunnuuf geeddaraa.*)<sup>d4</sup> jedhanii gaafatan. Daldaltootni sunis gammachuudhaan fudhatanii gara qe’ee isaanii utuu deema jiranuu qabeenyicha sana “hin kenninu” jedhanii jennaan isaan keessaa namni tokko ka’ee “dafqa isaati inni nu amanee nutti kennee jennaan nuti immoo adaraa (amaanaa) keenya nyaachuu hin qabnu”

jedhe. Haaluma kanaan namoonni sunis waan isaan mudate hunda itti himanii qabeenya isaa kennaniif. Innis abbaa qabeenyaa guddaa ta'ee of danda'ee gammachuudhaan jiraachuu jalqabee jedhama.

## **DABALEE; E**

### **Xaabee**

Xaabee namicha jedhamu tokkotu jiraa ture.Xaabeenkun sa'aa eega/tiksa.Yeroo sa'aa eegu kanatti ijoollee tiksituu wajjin gara horiitti ba'an .Ijoollee tiksituuhiriyoota isaa kana baay'ee rakkisa.Yeroo tokko tokko sa'oota wajjiin eegan kana jalaa elmachuudhaan aannan jaraa jalaa dhuga.Akka kana godhee rakkisa. Yeroo dabareen eegani inni dhaqee sa'oota elmatee dhuga,akka kanaan rakkise jennaan guyyaa tokko dhaqii galiitii waan nyaannu laaqana nuuf fidi kottu !jennaan galee kan isaa nyaate kan isaanii immoo irraa nyaate isa hafe irratti boolii bola'e ykn udaan itti agee nyaata kanaan waliin make fide kenneef. Ijoollee kana akkanaa yeroonni rakkisuu" maali inni? nyaatni kun udaa udaan jedha".jedhanii otumannii udaan udaanjedhuu nyaatan. Gaafa jarri galani sa'aa jaraa elmata, gaafa jarri manatti erganii nyaata isaaniitti bolii bola'e fideefi dhufa akkisitti rakisee jennaan gaaf tokko walii galanii boolla qotanii humnaan qabani mucaa kana bosona geessani boolla keessatti awwaalani dhagaa guddaa namni gangaalchuu hin dandeenye tokko irra keessa ka'ani deeman. Irra ka'anii gaafa isaan deeman of irraa kaasuu dadhabe .Of irraa kaasuu gaafa dadhabu galuu dide.Haatii isaa ijji ishee jaamaadha. Galgala dhaqxee hin barbaaddi ofii isheetiif lafa hin argituu namni harka qabee geessuus ni dhabameofumaa isheetii dhaqxee, "Yaa xaabee yaa dhala koo eessa jirtaa?"jetten.

"Yaa harmee koo ijoollee dhagaa narra kaa'ee asan jiraa."jedhe.Ammas,akkumma kana jettee gaggaafatti. "yaa xaabee yaa ilmaa koo eessa jirtaa?"jette. yaa harmee koo ijoollee dhagaa narra ka'ee asan jira".Akka kana jette omaa arguu dadhabdee deebite manatti galte. Hoomaa waraabessaa fi waangoon immoo yerooisheen akkana jettu kana hin dhaggeefatuu turan isa boodaa waangoon dhaqxee ,akkuma isheen jettu kana "yaa xaabee yaaa ilma koo eessa jirtaa" jetten waangoon" yaa harmee koo ijoollee dhagaa narra kaa'e asan jiraa" Jedhee jenna waangoon dhagicha irraa garagalchitee isa baafttee dugda irra ka'atte gaafa isheen fudhtte deemtu ,dugdi ishee hin quqquuqee jedhu maalii ilma koo dugdi kee kunoo naquqquqaa? Jetteen "Abbaa keetu biilaa garbuu nahamsiisaa olee kanaaf naquqquuqaa garbuu haamaan olee garbuun guraa

olee.”Jetten.Haata’u igaa afachu dugda kee isa naququuqe baala cabseen jala kaawadhaajedhee karaa deemaa cabsee irra kaa’a baala cabseeirra ka’a. Waadaa galte kan isheen dhufte immoo homaa waraabessaatiin waan isin nyaattan isinii fidaa jett waadaa galtee deemteetti .Amma gaafa isheenii dugda isheerra baalli yemmuu guutee jedhu ofii isaatiif dafee qilxuu wayitti ogdaa wayitti rarra’e muka yaabbatee biraa hafe.Isa booda yeroo isheen deemuu jettu gadi bu’e dhagaa funaannatee mukatti ol bahe.Deemte deemte dhaqxe hoomaa waraabessaa keessatti gaafa isheen dhaqxe lafaan dhooftu as rukkutanii achi rukkutanii waan nyaatan keessa dhaban.Isa booda ‘Haam goonee si liqimsina fidi!’ jedhaniin.Gaafa isaan jedhanii kottaa lafa inni jirun isnitti agarsiisa jette.Hin dhaqani,gaafa dhaqan inni muka irra taa’eetujira. ‘Kottuu bu’i!’ jedhaniin ‘ tokko tokkoon qilee afaan keessa isinii buusaati afaan banaa ‘ jedheen.Dhuguma se’anii afaan bananii.Waraabessi gaafa inni dhagaa darbatee keessa buusuu,addubbi jedhee lafatti bu’e.Inni tokkoo maalii? Xaabee inni kunooquufee ciisee,anaafis naa kennika jennaan isaafis dhagaa akka kanatti hoomaa waraabessaa hunda of jalaa fixee waraabessi tokkittiin lafatti hafte.Waraabeessi kun achi jala bule. Mucichi muka irra bule.Gaafa lafti bari’ee jedhu namichi naannoo sana jiru qote bulaa lafa qotuuf sangaa camadatee yeroo inni sangaa camadatumuka irra taa’ee ,’yaa namichoo ,yaa namichoo ‘ jedhee waraabessa kana najalaa ari’adhu jedheen.Ishi jedhee dhufee waraabessa jalaa ari’ate.Mucichis gad bu’ee qonnaan bulaan sunis fudhatee gale.Lafa qonnaa bira taa’aa oolee isa booda mana kee natti agarsiisi jedheen, dhaqee mana itti agarsiisee deebi’u jaartiin ykn haadha manaa isaa waliin wal baran.Isaan booda diibi’ee dhaqee ‘yaa harmee koo ‘ jedheen, akka jedhe abbaan koo namuma ergaa dhufe fakkaatee ‘ee ‘ jetteen.Jabbii koo qaliiti eeboo koos falaxiiti qoraan falaxiiti affeelii naegii siin jedhe jennaan jaartiin dhugaa seetee jabbii qaltee,barcuma isaa falaxxee,eeboo falaxxee ittiin affeelte eegdeen. Isaan booda mucichi gaafa foonichi affeelamee jedhu isheen daakuu daakuuf qomootti dabartee gaafa isheen qomootti dabartuu daakuu ishee weeddisaa daakkatti, akkas jette,

‘ Inni adeeme illee maa achumaan hin hafiin,

Inni adeeme illee maa achumaan hin hafiin,’’

Yaaharmee isa giroosaa ,yaa niitii olla kootii

Biddeena furdaa gutoo keessa

Farsoo inni furdaan huuroo keessa



Gurba amma dhufeef gadi buusi, gadi buusi, “ jettetu akka nama qaalluun irra faguutti weeddifti. Abidda dhagaa irra teesse. Mucaan kana taa’ee dhageeffatee isa booda,” Yaa harmee koo “ jedheen. Foonicha nyaatee nyaatee isa abiddarra jiru gaafa bilchaatee jedhu nyaatee nyaatee foon sana lafee isaa wayyaa isaatti naqatee “osoo haadha na deesse taatee dugda irratti na baadhattee daakuu daakti,” jedheen. Maali ilmoo koo kun rakkoo maalii qaba kottuu dugda irrattan si baadhaa jetteen, dhaqee dugda isheerra taa’ee foon isaa nyaate sana lafee sana tokko tokkoon mataa shurrubba ishee irratti osoo isheen hin beekiin sussuuqe. Yeroo abbaan manaa ishee qotiyyoo hiikee, gindoofi waanjoo isa lafa kaa’ate manatti galuu,” Yaa abbaa koo harmeen koo waan goote beekta? “ jedheen.” Eeboofi barcuma kee falaxxee, jabbii kee qaltee, foon isaa nyaattee, lafee isaa immoo mataatti naqattee,” jedheen. “Hin soba isatu qali naan jedhe, abbaa kootuu sitti na erge .” naan jennaan. “Hin sobdi ,hin soba” isheen jettee jennaan, abaa koo abbaa sobni itti harca’u ilaallaati, meewalitti nu sirbisiisi kaa jedheen. Qacee fudhatee gaafa isaan walitti sirban mataa ishee irraa lafeen foonii lafatti harca’e. Egaa abbaan sobni irra harca’e illaalii jedheen, isa booda gaafa namichi aariitiin rukkutu jaartiin ni duute. Gaafaisheen duute jettu ilkaan gaafa isheen baafte jettu ilaa sittikolfitiim jedheen . Dhuguma se’e namichi ilkaan ishee ulee dhaan daake. Kana booda namichi mucaa dhaan dhaqiiti maatii isheetti mucaan keessan hin duute jedhii itti himii jedheen . Dhaqee adeemsa guyyaa tokko ol demeetu mucaan keessan hin deesse jedheen . Dhuguma se’anii abbaan haati maatiin nyaata qopheeffatan farad fe’atanii gaafachuu dhufan. Bokkan cimaan roobee bishaan guutee bakee danbali’e jira. Bishaan bira yeroo isaan ga’aanii jedhaanu mucich taa’eetu maali?

Maal taatan? Jarana nagaa miti gala eessti geessitu? Hinduten jedhe malee hin deessen jedhee jennan naasuudhaan jarri iyyanii gaalanaatti namanii dhumaan Isa booda namichi bira taa’ee gaalicha nyaachuutti ka’e. utumaani gaalicha nyaachaa jiruu abbaan farad farad dhahachisaa dhufe. Ee abbaa fardaa koottu gaala kana nyaadhuu mee jedheen farad kee kanaan al tokko naanneesse dhufaa jedheen. Namich abbaan farda gaalicha bira taa’ee nyachaa osoo jiruu farad harka fudhaatee dhahachiisaa ba’ee culuux jedhe. hin guluufee hinguluufee karaa dheeraa gaafa deeme jedhu jaartiin tokkoo qoraan cabsatee nama baachisuu dhabdee qoraan bira teesse jirti. bira ga’etu maal taate jedhe gaafate nama qoraan kananaa bachiisuun dhabe yaa ilma koo maaloo qoraan kana na baachisi jennaan farad kan enyuuttan hidhadhaa? Rakkoo maalii qaba kottuu miila koottihidhadhuuti qoraan nabaachisi jetten. Haata’u jedhee miila isheetti farda hidhate xob jedhee farad irra bahe totoph jedhe fardaan gulufe jaartiin lafa irra harkifaamtee duute. Isa booda fuudhee

dhqee lafeeshee funaane abiddatti naqee gubee daaraa isaa baadhate otuma deemu lafti itti dhi'he jennaan mana tokkotti goree nablchaa jedhee kadhte ,isaanis bulii jedhaniin .Egaa qodaa koo kanatti namni tokko akka itti hin buune daakuun kun namni yoo itti bu'e daaraa ta'a jedheen 'haata'u rakkoo hin qabu hirkifadhuu jedhniin . Gaafa ganama ka'u Xaabeen mataa isaa qabatee iyyutti ka'e yeroo kana warri manaa maal taate? Maal taate? ***Qe'een qe'e nama guddaati*** jedhaniin. ***Innis daakuun as kahdhe daaraa najelaa ta'e jedhee*** jennaan ,diisi! Dhiisi! Daakuu siif kenniinaa jedhaniin . Daakuu fudhate dhaqee ijoolle tiksee dhaan isiin ille naaawwaaltani an ille lafa isiin naa awwaaltani ba'een mana namaa gubee daaraa gabaatti gessee daakutti gedaradheen dhufe jedhhen . Dhugma se'anii hundii isaani mana of irratti gubanii gaafa daaraa baatanii gabaa dhaqanii nama daaraa bitu ?daara hinba'iin ammas,nama daaraa bitu yeroo jedhan daara hinba'in jedhaniin. Akka kana godhanii mana isaanii ofirratti gubanii fixan . Isa booda ammas,xaabee qabanii bishaan keessa buusan . Gaafa isaan bishaan keesa buusan daakaa waan beekuuf bahe. Kana booda namoota meeshaa hidhatanii deemanutu itti dhufanii jennaan qawweetu as kessa jiraa jedhee itti agarsiise . Dhuguma se'anii gaafa achii kessatti of ilaalan daaddidduu isaanii bishaan keessatti gaafa argan meeshaa isaanii lafa ka'anii bishaanitti namani dhuman.Meeshaa sana immoo gurate deeme ijoolle tike dhaan'araar yaa qawwee bishaan keessaa !'“ Araar yaa farad bishaan keessaa!”Isiin iyyuu osoo deemtani hin argattu jedheen .Akka kanaan dhuguma se'anii bishaanitti namanii dhumani. Xaabeen akka kana godheetu ijoollee tike sana lafa irraa balleesse jedhamaa.

**DABALEE.F : Odeefkennitoota sagaleen waraabame**

T/L	Maqaa ragaa kennitootaa	Saala	Umrii	Aanaafi	Ganda	Guyyaa
1.	Obboo Immiruu Dhufeeraa	Dhi	60	Yaayyoo	Y. 01	29/8/014
2.	Adde Caaltuu Didhaa	Dub	56	Yaayyoo	Waaboo	11/9/014
3.	Obboo Waaqtolee Tarfaasaa	Dhi	62	Yaayyoo	Masango	23/9/014
4.	Obboo Mirreessaa Ga'isaa	Dhi	73	Yaayyoo	Amuuma	26/9/014
5.	Adde Burtukaan Birraatuu	Dub	47	Yaayyoo	Geecii	18/10/014
6.	Adde Zawdituu Suphaa	Dub	52	Yaayyoo	Somboo	27/10/014